



# Tajaajila Barnoota Kitaaba Qulqulluu Qajeelfama Barsiisotaa

Kitaaba qulqulluu sadarkaa 3 fi 4

DURAA DUUBA A  
Barnoota 1-6



# Tajaajila barnoota Kitaaba Qulqulluu

Dhaabbata Gargaarsaa UKtti galmaahe (Lakkoofsa 1096157)

## Ergama

Nuti sin tajaajiluudhaan isin kanneen biroo tajaajiltu, itti fayyadama idil addunyaaf oolchuu; barnoota kitaaba qulqulluu itti fufiinsaan Dubbii Waaqayyoo qayyabachiisuudhaan dhaloota ammaa fi dhaloota boruuf oolchuu dha.

## Mul'ata

Afaanota idil addunyaa adda addaatiin barnoota kitaaba qulqulluu oomishuu fi jajjabeessuudhaan karaa mal-quunnamtii adda addaa kanneen yaada keenya hirmaataniif gahuu dha.

## ODEEFFANNOO WALIIGALAA

### Raawwii tajaajila barnoota kitaaba qulqulluu:

Tajaajilli barnoota kitaaba qulqulluu "Bibletime", "New life" fi "Gleaners" afaan Ingiliffaan barnoota kitaaba qulqulluu qophaa'an yeroo ta'an manneen barnootaa kitaaba qulqulluu poostaa fi dhaabbilee wal fakkaatoo UK irraa gara idil addunyaatti daawwachuudhaan, neetorkiidhaan, gorsaa fi leenjiiidhaan biraan gahuu dha. Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun yeroo ammaa kana gareewwan biyyoota biroo keessa jiran waliin hariiroodhaan hojjechaa kan jiru yeroo tahu kanneen turjumaanaa, dizzaayinii, maxxansaa fi raabsaa barnootichaa hojjetanii dha. barnootni kunneen barattoota hundaafuu kaffaltii malee gahuu qabu.

Barnootni bibletime yeroo jalqabaaf tajaajila irra kan oole Kibba Ayerlaand waggoota 50 dura ture. Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun itti gaafatamummaa gulaalummaa fudhachuudhaan afaan Ingiliffaa Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun gulaaluu fi afaanota biyya alaa gara garaa gulaaluudhaan hirmaataa jira. barnoonni bibletime durumaanuu waraqaa A4 irratti kan maxxanfame yeroo tahu barattoota bakka adda addaa jiraniif turban afur afuriin barnoota kana gara wiirtuu barnoota kitaaba qulqulluutti akka deebisanii fi qabxii itti argatanii kan taasisuu dha. Yeroo dhiyoo asitti galanni Sosochii Haaromsaaf haa tahu malee Beelfaast, keessatti barnootni baatii jahaa waraqaa A5 irratti maxxanfamuudhaan waldaalee fi manneen barnootaa akka salphaatti kan itti fayyadaman ta'uu isaanii keessumattuu bakkeewwan tajaajila poostaa hin qabneef faayidaa kennaa turee jira.

Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun barnoota biraa irraa adda kan isaan taasisu manatti ykn gareen kan qopheeffamanii (waldaa/mana barnootaatti) qorannoodhaan caasaa barnootaa karoorfameen barattoonni hanga waggaa 20tti akka itti fufan kan taasisanii dha. Garaagarummaa umriidhaan kan kennaman sadarkaalee barnootaa shank an qabu yeroo tahu kanneen umrii barnoota seenuun duraa, waggaa 5-7, waggaa 8-10, waggaa 11-13, waggaa 14-16 jiraniif kan qopheeffamanii dha. tokkoon tokkoo gareewwan umrii kanneeniif qo'annoo waggaa sadiitu kenname. (fuula 4 ilaalaa). Gareen umrii kanneen sadarkaa hubannoo irratti hundaahuudhaan kan kennamanii dha. Qabiyyeen bibletime ijoolleen dubbii Waaqayyoo akka qorataniif carraa kennuudhaan seenaa kitaaba qulqulluu barachuudhaan jireenya isaanii keessatti barsiisa kitaaba qulqulluu akka jiraataniif kan dandeessisanii dha.

Kooppiiwwan barnoota kanneen maxxanfaman Ingiliffaadhaan marsariitii Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun irraa [www.besweb.com](http://www.besweb.com) irratti kan argaman ykn Barreessaa idil addunyaa keessatti kan argamanii dha. Afaanota birootiinillee marsariitii irratti ni argaman. Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun isin unuu waliin hariiroo qabaachuu yoo feetan marsariitii irraa buufachuun itti gargaaramuu ni dandeessu.

## Teessoo quunnamtii Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluu

### Barreessaa idil addunyaa fi kan Ayerlaand

Mr S Balmer, 37a Belmore Street, Enniskillen, Northern Ireland BT74 6AA  
L. Bilbilaa: 0286 632 2462  
Imeeyilii: [sam@besweb.com](mailto:sam@besweb.com)

### Barreessaa UK

Mr Stephen Gillham, 32 Firs Glen Road, West Moors, Ferndown, Dorset BH22 0ED  
L. Bilbilaa: 01202 873500  
Imeeyilii: [stephen@sgillham.co.uk](mailto:stephen@sgillham.co.uk)

Marsariitii: [www.besweb.com](http://www.besweb.com)

Imeeyilii: [info@besweb.com](mailto:info@besweb.com)

## TAJAAJILLI BARNOOTAA KITAABA QULQULLUU

Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun jalqaba irraa kaasee bakkeewwan tajaajila poostaa hin jirre akka manneen barnootaa fi waldaalee Afriikaa, Hindii fi bakkeewwan biroo keessatti tajaajila kennuun isaa dabalaa dhufee jira. Qajeelfamni barsiisotaa kanneen barnoota kana fayyadamaniif qopheeffamanii dha. Barruulee kane keessatti qajeelfamni barnootaa sadarkaa 3ffaa fi sadarkaa 4ffaafi umrii hanga waggaa 11-16 jiraniif kan oolanii dha.

Qajeelfamni barnootichaa tokkoon tokkoon isaanii akkuma barnoota bibletime irra jiruutti wabii wal fakkaataa kan qabani dha. Barnootni bibletime fi qajeelfamoonni isaanii torbaniif akka oolaniif kan qopheeffamanii dha. Barnootni baatii Eblaa keessumaayyuu ayyaana Faasikaa irratti xiyyeeffannoon kan barreeffaman yeroo tahan barreeffamnoonni Muddee ammo ayyaana Dhalootaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiif akka oolanitti kan barreeffamni dha.

Barruulee kanneen yeroo itti fayyadamntan xumura barnootaa tookkoon tokkoo isaanii irratti barruuleen kunneen walitti qabanmanii qabxiin irratti taasifama. Haalota baay'ee keessatti kun rakkisaa tahuu isaa hubannee jirra. Kanaafuu kutaa barnootaa keessatti barruuleen kunneen raabsuudhaan barsiisaan ykn hoogganaan barnoota kennuudhaan barattoonni barnoota hiriya isaanii irratti qabxii kaa'uudhaan qabxii akka itti kennan taasifamu. Xumurta barruulee kanneen irratti bakki qabxiilee baatii sanaa itti galmeessan waan jiruuf guddina barataa saanaa ilaalchisee bakki yaadni itti kennamus ni jira. Barataan kunis barnoota baatii jahaaf kennamaa ture sirriitti xumuruu isaa kan agarsiisu xumura irratti waraqaan ragaan ni kennamaaf.

## QOPHII BARSIIISOTAA

Barsiisonni waan ofii isaanii yaadanii fooyyee qabsiisanii dhiyeessan akka hin barsiifneef dhorkuu hin barbaadnu waan taheef kaka'umsa barsiisotaa mala mataa isaanii fayyadamaniif barsiisuu hin dhorkinu. kunneen qabiyyee bibletime fayyadamuuf yaada kennamanii dha.

- **Seenaa sana beekuu** – barsiiftonni seenaa kitaaba qulqulluu irra jiru beekuu fi barnoota bibletime waliin firoomsuudhaan fayyadamuu qabu. Yaadaanuu barnootni bibletime barsiisaan barnoota sana xumuruun dura itti fayyadamuu qaba. qajeelfamni tokkoon tokkoo barnootichaaf kenname karoora barnootichaaf xiyyeeffannoo kan kennu ta'uu qaba.
- **Barnoota kennamu hubachuu** – karoora barnootichaa mata duree irratti jechuuta “wanti amma barannu” kan jedhan fedhii ijoolleen qaban lamaan erga seensessuu barsiisaa dhaggeeffataniin booda fi barnoota bibletime xumuraniin booda kan yaadataniif akka tahaniif dhiyaatanii jiru. Yaadni barnootaa filannoo inni duraa beekumsa waa'ee seenaa sanaa yeroo ilaallatu inni lammaffaan ammo ijoolleen waa'ee barnootichaa beekumsa qaban akka itti yaadan, akka hojii itti hiikanii fi deebii akka kennanii dha. Filannoowwan barnootaa kunneen yaadrimee ijoo/dhugaa jiru barnoota kana keessatti barsiifamanii fi barsiisonni ammo madaallii mataa isaaniif itti fayyadamuu fi madaallii mala barsiisuu fi barachuu gaggeessuudhaaf isaan gargaara.
- **Wal barsiisuu** – barnoota hundaa keessatti ijoolleen haala kana irratti mudannoo mataa isaanii akka calaqqisan taasifamu. seenaa kana ijoollee kanatti himuudhaaf ijoolleen hirmaannaa cimaa akka taasisaniif jalqabbii seenaa kana irratti wal barsiisuu qabna.
- **Barsiisuu** – seenaa keessatti qabxiilee ijoo keenyee jirra. barsiiftonni kana yeroo barsiisaan osoo qabxii ijoo kana hin tuqiin seenaa kana durumaanuu ofii isaanii yaada isaanii keessatti sammuu isaanii keessatti qayyabataniif haala hawwachiisaa taheen barsiisuu qabu. Barsiisaan barattoonni seenaa kana akka sirriitti hubatan gochuudhaaf seenaa kana irraa maal akka beekan akka calaqqisan taasisuu qaba. Kanaaf akka mijatuuf seenaa keessatti waan wal qabatee jiru mul'isuudhaaf yaalii taasifnee jirra. Kunneen yeroo hundaa qubee italics kan ilaalamanii dha.
- **Agarsiisuu** – Haalota adda addaa keessatti ijaan agarsiisuun ulfaataa akka tahe garuu hanga danda'ametti ammo boocaalee ykn wantootaan seenaa kana akka sirnaan hubatan taasisuu qabna. Gargaartuun barnootaan argaman seenessuu kana hubachiisuuf bakka guddaa kan qabu dha. Haala barbaachisaa ta'een bakka fakkiiwwan fi boocaaleen barbaachisanitti [www.freebibleimages.org](http://www.freebibleimages.org) irratti dhiyeessuudhaan marsariitii isaanii irraa buufachuun ni danda'ama. Maddi wantoota argamanii inni biraan ammo Eikon Bible Art ([info@eikonbibleart.com](mailto:info@eikonbibleart.com)) yeroo ta'u kun bittaadhaan kan argamu dha. Yoo maashiniin kooppii jiraate, fakkiiwwan bibletime muraasni isaqaqni guddisuudhaan, halluu dibuudhaan, barnootaaf itti fayyadamuun ni danda'ama.
- **Barachuu** – tokkoon tokkoo seenessaa waliin jechama furtuu ta'an kaa'amaniif waan jiraniif haala tokko tokko keessatti jechama furtuu lamaan kaa'uudhaan ijoolleen sirriitti akka barataniif ni gargaara jennee dhiyeessinee jirra. Ijoolleen jechama furtuu akka barataniif akka yaadataniif akkasumas jechoota dubbii kitaaba qulqulluu akka yaadataniif goonee jirra.

- **Xumuruu** – Mana barnootaa keessatti ijoolleen gilgaalota akka hojjetanii fi deebii akka kennan gochuudhaan barsiisaan gargaarsa barbaachisu akka kennu taasifama. Isaan muraasaaf barsiisaan seenessa sana dubbiseefii ijoolleen ammo seenessa kana irraa maal akka hubatan ni gaafatamu. Daa'imman gara biroon ammo dubbisuudhaan deebii akka kennan gaaffii ni gaafatamu. Haala lamaanuu keessaa ijoolleen qajeelfama kennamuu akka hordofaniif gaaffii gaafatamu. Haala mana barnootaa hin taane keessatti bibletime ni fayyadamta yoo taate akka qormaata hin taane gargaaruun barbaachisaa dha. Barnoonni kennamu bohaartiif kan ooluu fi gammachiisaa tahuu akka qabuu fi ijoolleen hojii hojjetaniif isaan jajjabeessuun barbaachisaa dha.
- **Keessa deebi'uu** – Maloota biroo salphaa fi hubatamoon qormaata, ykn barnoota kana gargaaruudhaaf seenaa keessa deebi'uun barbaachisaa dha.
- **Ittiin jiraachuu** – kutaan kun waan mata duree waan qabatuuf, barnoonni kun akkamiin nuun qoraa fi hojii garee kennuudhaan deebii dhuunfaa funaanuudhaan qormaata barnoota kanaa deebisuu gaafata.

## Jechama furtuu barsiisuu

1. Jechi furtuun waraqa qofaa tokko irratti barreeffamee ykn boordii jechoota baay'ee waliin barreeffamee ijoolleen akka irra deddeebi'anii jedhaniif hanga jechi kun haqamutti barattoonni akka jedhanii fi erga haqamee boodas akka yaadatanii jedhan taasisuu dha.
- 2) Iddootti Kitaaba Qulqulluun argamutti taphnicaqasa Kitaaba Qulqulluu ni adeemsifama. Ijoolleen caqasa sana argachuudhaaf wal dorgomu, caqasa sana calqabaa kan argate, sagalee isaa ol fudhateet dubbisa.
  - a) Garee lamaanii nama rarraasuu – xalayoota baay'ee – bakki jechi furtuun jiru qubeessaa adda taheen barreessuudhaan – ijoolleen qubee isa kamiin akka barreeffamuu qabu filachuudhaan hanga isaan keessaa tokko jecha sana yaadatee jedhutti irra deddeebisuudhaan gaafachuudhaan raawwatama.
  - b) Yoo kitaaba qulqulluun jiraate dirriilii eeboo kanaan barattoonni jechama sana barbaaduudhaan kan dura argate akka dubbisu taasifamuudhaan raawwatama.

## Karoora yeroo

- **Duraa duuba** – tokkoon tokkoo barnootaa barsiisuudhaaf duraa duuba isaanii eeguudhaan keenyee jirra garuu barsiisonni kana yeroodhaa gara yerootti jijjiiruuf barbaaduu danda'u.
  1. wal barsiisuu fi seenmessaa dubbisuu – tilmaamaan daqiiqaa 15
  2. jecha furtuu barsiisuu – daqiiqaa 5-10
  3. workishiitii guutuu – daqiiqaa 20
  4. qormaataa fi gochoota – daqiiqaa 5-10

Waan jedhamu kana yaadadhu

“Yoo natty himte nan irraanfadha;  
Yoo natty agarsiifte nan yaadadha  
Yoo na hirmaachifte nan qayyabadha.”

## Seera barumsa Kitaaba Qulqulluu.

	SADARKAA 0 (B/sa dura) SADARKAA 1 (Umrii 5-7) SADARKAA 2 (Umrii 8-10)	SADARKAA 3 (Umrii 11-13)	SADARKAA 4 (Umrii 14 ol)
<b>Kan jalqabaa</b>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Barnoota jalqabaa – wal barsiisuu</li> <li>2. U1-Wangeela Luqaas</li> <li>3. U2-Wangeela Luqaas</li> <li>4. U2-Wangeela Luqaas</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Barnoota jalqabaa – wal barsiisuu</li> <li>2. U1-Wangeela Luqaas</li> <li>3. U2-Wangeela Luqaas</li> <li>4. U2-Wangeela Luqaas</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Barnoota jalqabaa – wal barsiisuu</li> <li>2. U1-Wangeela Luqaas</li> <li>3. U2-Wangeela Luqaas</li> <li>4. U2-Wangeela Luqaas</li> </ol>
<b>QABIYYEE A</b>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Uumama</li> <li>2. Nohi.</li> <li>3. Phexros.</li> <li>4. Fannoo Phexros.</li> <li>5. Abrahaam</li> <li>6. Abrahaam</li> <li>7. Phexros</li> <li>8. Phexros</li> <li>9. Yaaqoob</li> <li>10. Kristaanoota durii</li> <li>11. Phaawulos</li> <li>12. Dhaloota Yesus</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Uumama</li> <li>2. Nohi.</li> <li>3. Phexros.</li> <li>4. Fannoo Phexros</li> <li>5. Phexros</li> <li>6. Abrahaam</li> <li>7. Yaaqoob</li> <li>8. Kadhannaa</li> <li>9. Phaawulos</li> <li>10. Phaawulos</li> <li>11. Phaawulos</li> <li>12. Dhaloota Yesus</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Uumamaafi kafaatii</li> <li>2. Guddina duri seer uum</li> <li>3. Phexros</li> <li>4. Fannoo Phexros</li> <li>5. Phexros</li> <li>6. Abrahaam</li> <li>7. Yaaqoob</li> <li>8. Jireenya kiristaanummaa</li> <li>9. Phaawulos</li> <li>10. Phaawulos</li> <li>11. Phaawulos</li> <li>12. Ayyaanaa dhaloota</li> </ol>
<b>SEERA BARUMSAA B</b>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Jireenya kiristaana isa jalqabaa</li> <li>2. Raaji</li> <li>3. Bitaaniiyaa</li> <li>4. Fannoo</li> <li>5. Fakkeenya</li> <li>6. Yoseef</li> <li>7. Yoseef</li> <li>8. Namoota Yesus argate</li> <li>9. Musee</li> <li>10. Musee</li> <li>11. Musee</li> <li>12. Seenaa ayyaana qillee</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Fakkeenyootea</li> <li>2. Waan rajjii</li> <li>3. Bitaaniiyaa</li> <li>4. Fannoo</li> <li>5. Kristaanoota durii</li> <li>6. Yoseef</li> <li>7. Yoseef</li> <li>8. Barreessitootea wangeelaa</li> <li>9. Musee</li> <li>10. Musee</li> <li>11. Musee</li> <li>12. Seenaa ayyaanaa qillee</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Fakkeenyootea</li> <li>2. Waan rajjii</li> <li>3. Bitaaniiyaa</li> <li>4. Fannoo</li> <li>5. Kristaanoota durii</li> <li>6. Yaaqoobifi maatii isaa</li> <li>7. Yoseef</li> <li>8. Ho.E. 2:42 karaagara fundura</li> <li>9. Musee</li> <li>10. Musee</li> <li>11. Seera</li> <li>12. Seenaa ayyaanaa qillee</li> </ol>
<b>SEERA BARUMSAA C</b>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Daani'el</li> <li>2. Waan dinqii baay'ee</li> <li>3. Waan dinqii baay'ee</li> <li>4. Du'uu Kristoos</li> <li>5. Ruutiifi Saamu'eel</li> <li>6. Daawiit</li> <li>7. Daawit</li> <li>8. Iyasuu</li> <li>9. Eliyaas</li> <li>10. Elsaai'in</li> <li>11. Yoonataa</li> <li>12. Ayyaana dhaloota Yesus</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Daani'el</li> <li>2. Waan dinqii baay'ee</li> <li>3. Waan dinqii baay'ee</li> <li>4. Du'uu Kristoos</li> <li>5. Ruutiifi Saamu'eel</li> <li>6. Daawiit</li> <li>7. Daawit</li> <li>8. Iyasuu</li> <li>9. Eliyaas</li> <li>10. Elsaai'in</li> <li>11. Nama Waaqayyo ittifayyadame kakuu moofaati</li> <li>12. Ayyaana dhaloota Yesus</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Daani'el</li> <li>2. Fakkenya Yesus</li> <li>3. Aangoo gooftaa</li> <li>4. Du'uu Kristoos</li> <li>5. Ruut</li> <li>6. Saamu'eel</li> <li>7. Daawit</li> <li>8. Iyasuu</li> <li>9. Eliyaas</li> <li>10. Elsaai'in</li> <li>11. Amala heddu k/moofa</li> <li>12. Ayyaana qillee</li> </ol>

	<p>A1 – Sadarkaa 3 Barumsa 1 – Jalqabatti Waaqayyo Barnoota – Addunyaa kana uume.</p>	<p>A1 – Sadarkaa 4 Qu’aannoo 1 – Uumama Barnoota – Jalqabatti.</p>
	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Uumama 1:1-19</b> <b>Jecha furtuu: Uumama 1:1</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyo yuunivarsii kanaa fi wantoota keessa jiran hundaa uume.</li> <li>2. Waaqayyo nama uumame hundaa ni beeka; ni jaalatas.</li> </ol>	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Uumama 1:1-31</b> <b>Jecha furtuu: Ibroota 1:10; Isaayyaas 45:18</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyo yuunivarsii uume.</li> <li>2. Waaqayyo hundumaa ni danda’a.</li> <li>3. Waaqayyo nama fakkaattii isaatiin uume.</li> </ol>
<p><b>WAL BARSIIISUU</b></p>	<p>Tokkoon tokkoo barataa gaaffilee armaan gadiif deebii barreeffamaan akka kennu gaafadhu. Tilmaamuun ni danda’ama! Barataan deebii isaa hiriya isaatti yaa himu.</p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. yuunivarsii keessa urjiiwwan meeqatu jiruu?</li> <li>2. addunyaa kana irra namoota meeqatu jiraataa?</li> </ol> <p>Daqiiqaa muraasa booda, deebii armaan gadii itti himi:</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Akka ejensiin qorannoo hawaa Awurooppaa jedhutti, urjiiwwan meeqa akka tahan tilmaamuun hin danda’amu. Gaalaaksii keenya Milkiweey Gaalaksii jedhamu keessa urjiiwwan miiliyoona dhibbaa ol akka jiran ibsama. Akkasumas gaalaaksii miiliyoona irratti kanneen biroo miiliyoona jiru. Kunis lakkoofsa qaalii dha.</li> <li>• Yeroo ammaa tilmaamaan gara namoota biiliyoona 7tu addunyaa kana irra jiraata.</li> </ul>	<p>Gaaffilee armaan gadii irratti lama lamaan mariyadhaa; kanaan booda walumaan hunda waliin mariyadhaa</p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Dhiyoo kana waan haaraa kan uumte yoomii?</li> <li>2. Firii keetiin gammaddee turtee?</li> </ol>
<p><b>XUMURUU</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waan hundaa dura kan ture Waaqayyoo dha.</li> <li>2. Waaqayyo addunyaa kana guyyoota 6 keessatti uumee xumure.</li> <li>3. Guyyaa 1ffaa Waaqayyo ifaa fi dukkana addaan baase. Guyyaa 2ffaa Waaqayyo samii uumee bishaan waliin addaan baase; guyyaa 3ffaa Waaqayyo bishaan walitti qabee bakka gogaa lafa jedhee waame; guyyaa 4ffaa Waaqayyo ifa samii irra kaa’e; aduu, urjii fi ji’a uume; guyyaa 5ffaa Waaqayyo waan bishaan keessaa fi sinbirroowwan uume; guyyaa 6ffaa Waaqayyo bineensota uume.</li> <li>4. Kanaan booda Waaqayyo nama fakkaattii isaatiin dhiiraa fi dhalaa godhee isaan uumee lafa irratti akka abboomanii fi uumama lafarraa akka abbooman taasise</li> <li>5. Waaqayyo namootaa fi uumamoota hundaaf nyaata kenne</li> <li>6. Waaqayyo waan uume hundaa ilaalee gaarii akka tahan yaade!</li> </ol> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 1 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: FBI – Waaqayyo samii fi lafa uume (1)</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyoo addunyaa kana guyyoota 6 keessatti uumee xumure.</li> <li>2. Guyyaa 1ffaa Waaqayyo ifaa fi dukkana addaan baase. Guyyaa 2ffaa Waaqayyo samii uumee bishaan waliin addaan baase; guyyaa 3ffaa Waaqayyo bishaan walitti qabee bakka gogaa lafa jedhee waame; guyyaa 4ffaa Waaqayyo ifa samii irra kaa’e; aduu, urjii fi ji’a uume; guyyaa 5ffaa Waaqayyo waan bishaan keessaa fi sinbirroowwan uume; guyyaa 6ffaa Waaqayyo bineensota uume.</li> <li>3. Humni Waaqayyoo ajaa’ibsiisaa dha: Addunyaa kana kan uume dubbachuudhaani dha! kanaafis guyyoota 6 qofaa itti fudhate!</li> <li>4. Kanaan booda Waaqayyo nama fakkaattii isaatiin dhiiraa fi dhalaa godhee isaan uumee lafa irratti akka abboomanii fi uumama lafarraa akka abbooman taasise</li> <li>5. Waaqayyo waan uume hundaa ilaalee gaarii akka tahan yaade!</li> </ol> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 1 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: FBI – Waaqayyo samii fi lafa uume (1)</b></p>
<p><b>KEESSA DEEBI’UU</b></p>	<p>garee nama 4 qabuun poostarii guyyoota 6 Waaqayyoo ittiin uumama uume ibsi</p>	<p>Barnoota kana irraa amalli Waaqayyoo maal akka tahe baratee? Walaloo, himaan ykn seenessuudhaan jechoota gabaaboodhaan barreessi.</p>
<p><b>ITTIIN JIRAACHUU</b></p>	<p>Barnootni kun akkamiin nuuf fudhatamaa?</p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyo hundumaa waan danda’uuf waan hundumaa uumee jira. Uumaan isaa baay’ee ta’anillee hundumaa keenya ni jaalata. Kun ilaalcha Waaqayyoof qabnu akkamiin jijjiiraa? Illaalcha uumamaaf qabnu hoo?</li> </ol>	<p>Barnootni kun akkamiin nuuf fudhatamaa?</p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyo unuu fi addunyaa kana uumee jira. Kun jireenya keenya keessatti garaagarummaa maalii fidaa?</li> <li>2. Uumama 1:26-27 fi Isaayyaas 45:18 dubbisi. Waaqayyo namaaf mul’ata maalii qabaa? Kun jireenya keenyaa har’aa irratti dhiibbaa maalii qabaa?</li> </ol>

A1 – Sadarkaa 3  
Barumsa 2 – Jalqabatti Waaqayyo  
Barnoota – Waaqayyo nama uume.

A1 – Sadarkaa 4  
Qu'aannoo 2 – Uumama  
Barnoota – Golaabame /xumuraame/.

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Uumama 1:20-31**  
**Jecha furtuu: Uumama 1:27**

**Barnoota barannu:**

1. Waaqayyo bineensotaa hundaa uumee nama adda taasisee uume
2. Waaqayyo nama fakkaattii mataa isaatiin uume; akka isaa akka fakkaatanii fi uumama akka abboomaniif
3. Waaqayyo nama kan uume isaa waliin hariiroodhaan akka jiraataniif dha
4. Waaqayyo namootaaf itti gaafatamummaa kennee jira

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:**  
**Uumama 1:27-31; 2:1-9**

**Jecha furtuu: Yohaannis 1:1-3**

**Barnoota barannu:**

1. Waaqayyo guyyaa 7ffaa irratti aara galfate
2. Waaqayyo sanbata guyyaa boqonnaaf uume
3. Waaqayyo namaaf lubbuu kenne
4. Lubbuun namaa gatii addaa qabdi

**WAL BARSIIISUU**

Pikshinaarii bineensaa taphadhaa. Barattoota garee namoota 4 qabanitti ramadii waraqaa fi maarkarii itti kenni. Garee hunda keessaa namni tokko bineensa tokko fakkii kaasee kanneen biroon maal akka tahe tilmaamuu qabu.

Wal falmuu deemuu. Deebiiwwan “sirrii”, “sirrii miti” fi “hin beeku” jedhan kennuun “bakkeewwan” 3 naannoo kutaa isaanii haa ibsan. Himoota armaan gadii dubbisuudhaan barattoonni yaada isaanii kan guutu akka bira dhaqan itti himi.

- Guyyaan sanbataa adda tahuun isaa yeroo ammaa kana hafee jira
- Guyyaan sanbataa hojii manaa hojjechuu fi gabaa deemuuf filatamaa dha
- Guyyaa dilbataa ispoortii hafuu qaba
- Qorannoon uumama gadameessaa sirriitti fudhatama qaba
- kiristaanonni waraana keessatti hirmaachuu hin qabani

**XUMURUU**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**

1. Waaqayyo bineensotni akka wal horaniif uume
2. Waaqayyo namoota fakkaattii isaatiin uume; kanneen galaana keessaa fi kanneen qilleensa fi lafarra jirani irratti abbooman uume
3. Waaqayyo namoota dhiiraa fi dhalaa godhee uume
4. Waaqayyo namoota eebisee hojii addaa fi itti gaafatamummaa itti kenne (firii qabeeyyii akka wal horanii, abboommii lafaa fi lubbu qabeeyyii lafa irraa, uumama Waaqayyoo akka abboomaniif dha)
5. Madda nyaataa kenneef – jireenyaaf waan nu barbaachisu
6. Waaqayyo uumama uume hundaa itti ganmmade; gaarii dha jedhe!

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**

**Barnoota 2 goolabuu**

**Agarsiisuu: FBI – Waaqayyo samii fi lafa uume (1)**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**

1. Jalqaba waan hundaa dura Waaqayyotu ture. Jechu (Gooftaan Yesuus Kiristoos) Waaqayyoo dha; jalqabaa kaasee Waaqayyoo waliin ture; Waan uumame h8ndaa uume; isa malee wanti uumame hin jiru. Waaqayyo uumaa dha kanaafuu Waaqayyo jalqabaa ti.
2. Waaqayyo nama Edenitti galche
3. Waaqayyo Eden keessa mukeen lama kaa'e; muka jireenyaa fi muka beekumsaa gaarii fi gadhee ti.
4. Waaqayyo guyyaa 7ffaa irratti boqonnaa fudhate; namootaafis guyyaa addaa boqonnaa kenneef.
5. Waaqayyo namatti afuura lubbuu baafate. kunis namni bineensota biroo irraa adda isa taasisa. Lubbuun namaa addaa fi gatii addaallee ni qaba.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**

**Barnoota 2 goolabuu**

**Agarsiisuu: FBI – Waaqayyo samii fi lafa uume (1)**

**KEESSA DEEBI'UU**

Garee xixiqqaadhaan mariyachuudhaan hundumaafuu yaada kennuu: Waaqayyo namoota fakkaattii mataa isaatiin uumee uumamoota lafa irraa, bishaan keessaa fi qilleensa irraa akka abbooman taasise. Akkamiin isaan qabuutu nurra jiraa?  
Waaqayyo unuun kan uume isaa waliin hariiroo akka qabaannuu fi isaan biroo waliinis hariiroo akka qabaannu dha. Haalli nuti jaalala Waaqayyoof qabnu ittiin agarsiifnu fi namoota birooof jaalannu 1) mana keessaa 2) mana barnootaa fi 3) waldaa keessaa maal fakkaataa?

Garee xixiqqaadhaan mariyachuudhaan hundumaafuu yaada kennuu:  
Keessa deebii 20:8 fi Maarqoos 2:27 dubbisi. Har'a jechoonni kunneen unuuf maal jechuu dhaa?  
Lubbuun namaa gatii addaa akka qabu barannee jirra. Kunis murtiiwwan akka saayinii, medikaalaa, seeraa fi kunuunsa ga'eessotaaf ergaa maalii nuuf dabarsaa?

**ITTIIN JIRAACHUU**

Barnootni kun akkamiin nuuf ta'aa:

1. Waaqayyo kan nu uume isaa fi kanneen uumaman biroo waliin hariiroo akka qabaannuf dha. Guyyaa hundaa osoo amanee cubbuu keenyaaf dhiifatama gaafannee garaagarummaa jireenyaa maaliitu dhufuu malaa?
2. Waaqayyo itti gaafatamummaa nuuf kenname akka irratti hojjennuuf akka nu gargaaruuf kadhannaa fi amala isaatiin akka adeemnuuf akka nu taasisuuf (fkn jaalala isaa, gaarummaa isaa, haqummaa isaa) torbee kanaa maatii keenyaaf, mana barnootaa keenyaa fi waldaa keenyaaf akka nu gargaaru kadhanna.

Barnootni kun akkamiin nuuf ta'aa:

1. Har'a akkamiin guyyaa sanbataa haala jedhameen akkamiin jiraachuu dandeenyaa? Boqonnaan guyyaa sanbataa barbaachisaa dhaa? maaliif?
2. Jireenyi keenya amantiin keenya akka calaqqisuuf maal goonaa, jireenyi namaa Waaqayyoon kan kennamee fi gatii addaa akka qabu maaliin hubannaa?



	<p>A1 – Sadarkaa 3 Barumsa 3 – Jalqabatti Waaqayyo Barnoota – Wantootni gara dogoggoraatti geeffamanii!</p>	<p>A1 – Sadarkaa 4 Qu’aannoo 3 – Uumama Barnoota – Dhufaati cubbuu.</p>
	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b> <i>Uumama 2:15-17; 3:1-13</i> <b>Jecha furtuu: Uumama 3:3</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b> 1. Addaamii fi Hewaan ajaja Waaqayyoo cabsan 2. Addaamii fi Hewaan cubbuu hojjetanii sodaatanii murtii cubbuu argatani.</p>	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b> <i>Uumama 2:14-19; 3:1-7</i> <b>Jecha furtuu: Roomaa 3:23; Roomaa 6:23</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b> 1. Waaqayyo namni muka beekumsaa gaarii fi gadhee irraa akka hin nyaanne ajaje 2. Bofti Addaamii fi Hewaan goyyomse cubbuu hojjechiise 3. Addaamii fi Hewaan ni sodaatan</p>
<p><b>WAL BARSIIISUU</b></p>	<p>Gareen mana barnootaa keessaa seera akka qaban gaafadhu. Yoo seera cabsan maal akka tahan gaafadhu.</p>	<p>Barattoonni kanneen lama lamaan akka irratti mariyatan gaafadhu. Bakka mana barnootaa/mana/hojiitti itti gaafatamummaan isaan qaban maal akka tahee fi qajeelfamoota hordofamuu qaban. qajeelfamoonni kunneen yoo irraanfataman ykn caban maal akka tahan gaafadhu.</p>
<p><b>XUMURUU</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b> 1. Waaqayyo nama bakka Eden keessa jiraachisuuf kaa’ee akka kunuunsu taasise. Waaqayyo namni waan isa barbaachisu hundaa guuteef. garuu namni qajeelfama tokko itti kenname. Firii mukaa kan gaarii fi gadhee beeksisuu akka hin nyaanne dhorkamee ture. Yoo kana nyaate akka du’u itti hime Waaqayyo. 2. Namni bineensotaa fi sinbirrootaaf maqaa akka kennu ajajame 3. Dhiirri itti gaafatamummaa isaa akka bahuuf Waaqayyo dubartii kenneef. Gaa’ela keessatti dhiirrii fi dhalli maatii haaraa uumuudhaan waliin hojjetuu jiraatu. 4. Bofti haxxeen, diinni Waaqayyoo ajaja Waaqayyoo akka shakkan taasise. Addaamii fi Hewaan ajaja Waaqayyoo yoo cabsan akka isaan hin dune itti hime. Bofti dubartii kana dogoggorsee firii Waaqayyo akka isaan hin nyaanne isaan ajaje akka nyaattuu taasise. Namichaafis kennitee innis ni nyaate. 5. Dhiirrii fi dhalaan kana nyaatanii booda hin gammadne. of dhoksuuf baala uffatan. muka keessa dhokatan. Waaqayyo isaan waamee maal akka godhan itti hime. Addaam Hewaaniin komatee Hewaan ammo bofa komatte. 6. Waaqayyo bofa abaare, Addaamii fi Hewaan cubbuu hojjetaniif abaarsa argatan. Akka hojjetanii jiraataniif akka dafqan ajajaman. Jireenyi rakkisaa tahee guyyaa biroo akka du’an itti himame. 7. Waaqayyo Addaamii fi Hewaaniif gogaa bineensaa irraa uccuu hojjetee itti uwwisee Eden keessaa isaan ari’ee Muka jireenyaa irraa isaan fageesse.</p> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 3 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: FBI – Waaqayyo samii fi lafa uume (1)</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b> 1. Waaqayyo Addaam Eden akka kunuunsuu fi maqaa bineensotaa fi sinbirrootaaf akka kennu isa ajaje 2. Waaqayyo mukeen hundaa irraa akka nyaatu garuu muka tokko kunis muka beekumsaa gaarii fi gadhee irraa akka hin nyaanne ajaje; kana yoo nyaate du’a itti fidu itti hime. 3. Waaqayyo namaaf kan isa gargaartu Dubartii uumeef. Waliin akka hojjetanii gaa’elaan akka jiraataniif kanaafuu maatii haaraa ijaaranii akka gareetti hojjetu. 4. Bofti Hewaaniin goyyomsee firii mukaa isa beekumsa gadhee fi garii ofii nyaattee isaafis kennite. Namichis kana waan nyaateef ajaja Waaqayyoo cabse. Lamaanuu istaandaardii Waaqayyoo keessaa hanqatan. 5. Addaamii fi Hewaan Waaqayyoon akka hin abboomamnee fi sodaan itti dhufe. ajaja Waaqayyoo waan cabsaniif adabbii irraan gahe. 6. Adabbii fi abaarsa Waaqayyoo irra gahe.</p> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 3 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: FBI – Waaqayyo samii fi lafa uume (1) Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b></p>
<p><b>KEESSA DEEBI’UU</b></p>	<p>Barnoota kana Roomaa 5:12 waliin walitti fiduudhaan Addaamii fi Hewaan lamaanuu cubbamtoota ta’an. Jireenya keenya keessatti kanneen ajaja Waaqayyoo cabsuu raawwiiwwan tahan maalfaa akka tahan barattoota gaafadhu. Kunneen 1. unurrattii fi 2. namoota biroo irratti rakkoo maalii fiduu?</p>	<p>Miidhaan qajeelfama cabsuu Addaamii fi Hewaan maali fidee? Roomaa 5:12-14 fi 18-19 dubbisi. Badiin ADDAAM balleesse har’a unu irratti dhiibbaa maalii qabaa?</p>
<p><b>ITTIIN JIRAACHUU</b></p>	<p>Barnootni kun akkamiin nuuf tajaajilaa: Waaqayyoon dhiifatama gaafannee innis dhiifatama nuuf akka godhu jireenya keenya Waaqayyoon gammachiisuuf jiraachuudhaan ajaja isaa hordofuu qabna.</p>	<p>Barnootni kun akkamiin nuuf tajaajilaa: Nuti kiristaanonni Waaqayyoof ajajamuun maaliif akka barbaachisaa tahe hubachuu qabna. Jireenya keenya keessatti Waaqayyoof akkamiin ajajamuu dandeenyaa?</p>

	<p><b>A1 – Sadarkaa 3</b>  <b>Barumsa 4 – Jalqabatti Waaqayyo</b>  <b>Barnoota – Wantootni dandii Waaqayyootiin rawwatamaani.</b></p>	<p><b>A1 – Sadarkaa 4</b>  <b>Qu’aannoo 4 – Uumama</b>  <b>Barnoota – Bu’aa Cubbuu.</b></p>
	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Uumama 4:1-16</b>  <b>Jecha furtuu: Yohaannis 14:6</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Abeel daandii Waaqayyoo irra deemee garuu Qaa’eel daandii mataa isaa irra deeme. Waaqayyo aarsaa Abeel fudhatee kan Qaa’eel jibbe.</li> <li>2. Qaa’eel Abeeliin ajjeese. Waaqayyo Qaa’eliin biyyaa baasee maraatu isa godhe. Qaa’eel Waaqayyoo irraa adda bahe.</li> <li>3. Daandiin Waaqayyoo tokko qofaa dha; kunis daandiidhuma isaa ti!</li> </ol>	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Uumama 3:7-24</b>  <b>Jecha furtuu: 1 Qorontoos 15:22; Roomaa 6:23</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Addaamii fi Hewaan Waaqayyo jalaa dhokachuuf yaalan</li> <li>2. Waaqayyo bofa abaare</li> <li>3. Waaqayyo cubbuu isaan hojjetaniif Addaamii fi Hewaan jireenya gadadoo akka jiraatan itti hime</li> <li>4. Waaqayyo Addaamii fi Hewaan qaama isaanii akka uffataniif uffata kenneef</li> <li>5. Waaqayyo Addaamii fi Hewaan Eden keessaa isaan ari’e</li> </ol>
<p><b>WAL BARSIIISUU</b></p>	<p>Kallattii itti deemtu osoo hin beekiin osoo imala kaatee maal taataa? Kallattii kana irraa kaatee baddee beektaa? Qaa’eel ajaja Waaqayyoo cabsee maraatu tahee jooree hafe.</p>	<p>Ijoolleen yoo ajaja didanii beeku tahe gaafadhuu kunis mana ykn mana barnootaa; maal akka itti dhagahame gaafadhu.</p>
<p><b>XUMURUU</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Addaamii fi Hewaan ilmaan lama qaban. Abeel hoolota tiksa Qaa’eel ni qota.</li> <li>2. Waaqayyo kennaa Abeel hoolaa fudhate. kunis filatamaa ture. Waaqayyo aarsaa Qaa’eel jibbe innis midhaan ture. Qaa’eel aaree gubate.</li> <li>3. Waaqayyo Qaa’eliin akeekkachiise akka daandii Waaqayyootti deebi’u itti hime. Qaa’eel dhiifatama hin gaafanne Waaqayyoo hin dhageenyees.</li> <li>4. Qaa’eel Abeeliin ajjeese; Waaqayyo lafa irraa isa baase; maraatu ta’ee Waaqayyoon ala bahe.</li> <li>5. Abeel Waaqayyoof hoolaa akka kennuu qabu baree jira. Qaa’eel daandii Waaqayyoo irraa kaatee adabame.</li> <li>6. Aarsaan Abeel aarsaa Gooftaan Yesuus Kiristoos fannoo irratti kaffale agarsiisa.</li> </ol> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b>  <b>Barnoota 4 goolabuu</b>  <b>Agarsiisuu: FBI – Waaqayyo samii fi lafa uume (1)</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Addaamii fi Hewaan ajaja Waaqayyoo cabsuun isaanii beekumsa gaarii fi gadhee akka qabaatanii fi qullummaa isaanii akka beekan taasise. Kanaafuu sodaachuudhaan Waaqayyoo jaalaa dhokatan.</li> <li>2. Waaqayyo Addaamii Hewaaniin gaaffii gaafate. Hanga balleessanitti akka gaabban isaan taasise. Garuu lamaanuu isa biraa irratti qabatan. Addaam ishee irratti yeroo qabatu isheen ammo bofa irratti qabatte.</li> <li>3. Addaamii fi Hewaan balleessaa isaaniif adabbii argatan. dhukkuba, xaarii jireenyaa, argama Waaqayyoo irraan adda bahuu fi Eden keessaa ariyamuu ture.</li> <li>4. Nutis cubbuun isaanii nurra gahee isaan keessaa waan dhalanneef hundi keenyi ni duuna.</li> <li>5. Waaqayyo kennaan hin dhumne qaba. Addaamii fi Hewaan uffannaa gogaa kenneef. Roomaa 6:23 kan nu barsiisu karaa Gooftaa Yesuus Kiristoos jireenya bara baraa kennuudhaan akka fayyisaa lubbuu keenyaatti akka fudhannuuf nuuf kennee jira.</li> </ol> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b>  <b>Barnoota 4 goolabuu</b>  <b>Agarsiisuu: FBI – Waaqayyo samii fi lafa uume (1)</b></p>
<p><b>KEESSA DEEBI’UU</b></p>	<p>keessa deebi’uu Jecha furtuu keessatti Yesuus daandii Waaqayyoo isa qofaa akka tahe nutty himamee jira. Namoonni Waaqayyoon gammachiisuudhaaf karaa biraa maalii qabuu?  Poostikaardii hojjedhuu jecha furtuu kana sirriitti barreessi.</p>	<p>Barnoota kana irraa amaloota Waaqayyoo maal akka tahan beeknaa?  Roomaa 5:12 ilaaluudhaan Addaamii fi Hewaan cubbamoota ta’an. Nurtis akkasuma taane. Jireenya keenya keessatti haalota Waaqayyoof hin abboomamne akka dubbatan barattoota gaafadhu. Kunneen jireenya 1) ofii keenyaa fi 2) namoota biroo dhiibbaa maalii qabaa?</p>
<p><b>ITTIIN JIRAACHUU</b></p>	<p>Barnootni kun akkamiin raawwannaa:  Jecha furtuu yaadadhu  Yesuusiin fudhattee hordofaa jirtaa? daandii Waaqayyoo kana qofaa dha.</p>	<p>Barnootni kun akkamiin raawwannaa:  Waaqayyo jabina daandii isaa irra akkaa deemnuuf akka nu dandeessisuu fi kennaa isaaf isa galateeffadhaa. Waaqayyoon dhiifama gaafachuu fi akka nu haaromsu gaafachuu qabna. Jireenya keenya Waaqayyoon gammachiisuuf jiraachuu fi isaaf ajajamuun jiraachuu qabna.</p>

A2 – Sadarkaa 3  
Barumsa 1 – Nohifi Bishaan Badiisaa  
Barnoota – Doonii hojjechuu.

A2 – Sadarkaa 4  
Qu’aannoo 1 – Qaayeniifi Abeel  
Barnoota – Waaqayyoon waaqessuu.

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Uumama 6:5-22**  
**Jecha furtuu: Uumama 6:8**

**Barnoota barannu:**

1. Waaqayyo qulqulluu dha. Cubbamuun namootaa onnee Waaqayyoo cabsa.
2. Waaqayyoo Noohiin hambisuuf murteesse. Doonii guddaa akka hojjetuu fi maatii isaa, gosa bineesotaa keessaa cimdii tokko tokko akka fe’u ajaje.
3. Nooh waan Waaqayyoo isa ajaje hojjete. Nooh Waaqayyoo irraa amantii waan qabuuf ajaja Waaqayyoof bule.

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Uumama 4:1-16**  
**Jecha furtuu: Ibroota 11:4**

**Barnoota barannu:**

1. Abeel daandii Waaqayyoo barbaaduun gara Waaqayyootti dhufe. Waaqayyoo aarsaa Abeel fudhate.
2. Qaa’eel daandii mataa isaa irra gara Waaqayyoo dhufe. Waaqayyoo aarsaa Qaa’eel dide.

**WAL BARSIIISUU**

Gareen moodeela akka hojjetan ykn keekii hojjechuuf wantoota akka walitti qaban itti himi. Qajeelfama hordofuun maaliif akka barbaachisaa tahe itti himuudhaan Waaqayyoo Noohif ajaja maalii akka kennee fi Noohis ajaja kanneen fudhachuu isaa xiyyeeffannaa itti kenni.

Qajeelfamoota hordofuuf haalota adda addaa kaa’uudhaan yoo qajeelfama dhagahuu ykn raawwachuu dide maal ta’aa?

**XUMURUU**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**

1. Namoonni biyya lafaa irra jiraatan cubbamoo ta’an. cubbamuun isaanii Waaqayyoon isa aarse.
2. Waaqayyoo namootaa fi uumama hundaa balleessuuf ka’e.
3. Nooh adda ture. Waaqayyoof ajajame. Inni waan Waaqayyoo isa ajaje waan hojjeteeff namoota kaan irraa adda ta’e.
4. Waaqayyoo Noohitti akka himetti namoota fi uumama hundaa akka balleessuuf yaade cubbuun biyya lafaa waan baay’ateef akka isaan balleessu itti hime.
5. Waaqayyoo Nooh akka itti qophaawu itti hime. Noohii fi maatiin isaa fi gosa bineensotaa hundaa keessaa akka hambisuuf itti hime.
6. Nooh Waaqayyoof amanamaa waan taheef qajeelfama kanneen sirriitti hordofee raawwate.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**

**Barnoota 1 goolabuu**

**Agarsiisuu: FBI – Waaqayyoo samii fi lafa uume (1)**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**

1. Addaamii fi Hewaan ilmaan lama qaban. Abeel hoolota tiksa Qaa’eel ni qota.
2. Waaqayyoo kennaa Abeel hoolaa dhalattuu duraa fudhate. kunis filatamaa ture. Waaqayyoo aarsaa Qaa’eel jibbe innis midhaan ture. Qaa’eel aaree gubate.
3. Waaqayyoo Qaa’eeliin akeekkachiise akka daandii Waaqayyootti deebi’u itti hime. Qaa’eel dhiifatama hin gaafanne Waaqayyoo hin dhageenyees.
4. Qaa’eel Abeeliin ajjeese; Waaqayyoo lafa irraa isa baase; maraatu ta’ee Waaqayyoon ala bahe.
5. Abeel Waaqayyoof hoolaa akka kennuu qabu baree jira. Qaa’eel daandii Waaqayyoo irraa kaatee adabame.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**

**Barnoota 1 goolabuu**

**Agarsiisuu: FBI – Waaqayyoo samii fi lafa uume (1)**

**KEESSA DEEBI’UU**

Waa’ee Nooh waan baranne seenaa kana keessa deebiin ilaalaa. Waa’ee Nooh, maatii isaa fi qajeelfama itti kenname ilaallata.

Jecha furtuu Ibroota 11:4 dubbisi: kun garaagarummaa Abeelii fi Qaa’eel gidduu jiru akkamiin agarsiisaa?

**ITTIIN JIRAACHUU**

Barnoota kana akkamiin jireenya keenyatti raawwannaa? Nooh Waaqayyoon waan amaneef akkuma Waaqayyoon ajajeen raawwachaa ture. Akkamiin Waaqayyoon amanuu dandeenyaa? Nooh Waaqayyoof amanamaa waan tureef Waaqayyoo isa hambisee jira.

Barnoota kana akkamiin jireenya keenyatti raawwannaa? Jireenyaa fi ilaalcha Abeelii fi Qaa’eel irraa maal barannaa? Jireenya keenya keessatti kana akkamiin ittiin jiraannaa?

	<p><b>A2 – Sadarkaa 3</b>  <b>Barumsa 2 – Nohi fi Bishaan Badisaa</b>  <b>Barnoota – Gara doonii keessatti.</b></p>	<p><b>A2 – Sadarkaa 4</b>  <b>Qu’aannoo 2 – Henokii fi Nohi</b>  <b>Barnoota – Adeemsa Waaqayyo wajjiin godhachuu.</b></p>
	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Uumama 7:1-20</b>  <b>Jecha furtuu: Uumama 7:5</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyo Noohii fi maatii isaa hambisuuf mala qaba.</li> <li>2. Nooh Waaqayyoon amanamaa waan tureef waanuma Waaqayyoo jedheen raawwachaa ture.</li> </ol>	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b>  <b>Uumama 5:21-33; 6:1-15</b></p> <p><b>Jecha furtuu: Ibroota 11:5</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Heenokii fi ilmi ilma isaatii Nooh Waaqayyoo waliin adeemaa ture.</li> <li>2. Namoonni kun lameen namoota biroo kan caalan hariiroo Waaqayyo waliin qabaniini dha.</li> </ol>
<b>WAL BARSIIISUU</b>	<p>Maatii kee waliin imaltee beektaa? Akkamiin itti qophoofani?</p>	<p>Waaqayyoo waliin hariiroo qabaachuun uummata biraa adda akka baanu nu taasaa! Kiristaanonni namoota biroo irraa akkamiin adda bahuu? Tarreessi.</p>
<b>XUMURUU</b>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyo Noohiin kan akeekkachiise guyyoota 7 booda lolaa akka ergu ibse.</li> <li>2. Waaqayyos Nooh bineensota gosa gosaan doonii keessa akka galchuu lolaa booda akka jiraataniif ajaje.</li> <li>3. Guyyaa sana, umriin isaa 600 guyyaa 17ffaa baatii 2ffaa irratti Nooh maatii isaa fi bineensota kana dooniitti naqe. Lolaan guyyoota 7 booda dhufee akkuma Waaqayyo jedheen.</li> <li>4. Waaqayyo balbala doonii kanaa kan cufe Nooh maatiin isaa fi bineensotni doonii keessa bakka argatanii booda dha. Nooh, maatii isaa fi bineensota doonii keessa jiran qofaatu lolaa kana irraa hafuu dandahe. Roobni guyyoota 40 roobe. Bishaan safara milaa 22 caalaa ol ka’ee tulluu guddaan illee bishaaniin nyaatamee ture.</li> </ol> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b>  <b>Barnoota 2 goolabuu</b>  <b>Agarsiisuu: FBI – Waaqayyo samii fi lafa uume (1)</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Heenook daandii Waaqayyoo irra waggoota 365 jiraate.</li> <li>2. Kitaaba Qulqulluun akka jedhutti Heenook akka namootaa hin dune; xumura jireenya isaa booda ni dhokate, Waaqayyo gara mootummaa isaatti fudhateen.</li> <li>3. Nooh ilma ilma Heenooki. Akkuma Heenook Noohis Waaqayyo waliin dhiyootti jiraatee nama qulqullaa’aa ture.</li> <li>4. Bara Nooh jiraate namoonni onnee Waaqayyoo cabsani. Lolaadhaan isaan adabuuf murteesse garuu Nooh oolche.</li> <li>5. Nooh doonii akka ijaaru isaa fi maatiin isaa badii lolaa kana irraa oolaniiru.</li> </ol> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b>  <b>Barnoota 2 goolabuu</b>  <b>Agarsiisuu: FBI – Waaqayyo samii fi lafa uume (1)</b></p>
<b>KEESSA DEEBI’UU</b>	<p>Kalaqaa! Fakkii Nooh, maatii isaa fi bineensotaa waliin turanii fi doonii bishaan irraa kaasaa. Fakkii kanaaf mata dureen isaa “Waaqayyoon kan eegame” jedhaa.</p>	<p>Heenokii fi Nooh namoota akkamii turanii? Namoota biroo irraa maaltu adda isaan godhee?</p>
<b>ITTIIN JIRAACHUU</b>	<p>Barnoota kana akkamiin jireenya keenya ittiin jiraannaa: Waaqayyoon Noohiin waan jaalatuuf karaa isa baasu itti beeksisee. Nooh ajaja Waaqayyoo fudhachuudhaan raawwate. Waaqayyo ajaja isaa yoo nuti hin fudhatiin murtiif nu qopheessa. Gooftaa Yesuus Kiristoos akka nuuf du’e akka beeknuu fi akka nu fayyisu taasisee jira. Itti amantee jirtaa? Fayyuuf qophii qabdaa?</p>	<p>Barnoota kana akkamiin jireenya keenya ittiin jiraannaa: Kiristaanonni waa’ee Heenookii fi Nooh yaadatanii akkamiin daandii Waaqayyoo irra deemanii namoota gara biroo irraa adda bahanii argamuu danda’uu? Waaqayyo akka itti amantuuf akka si gargaaruu fi daandii isaa irra akka si qajeelchuuf kadhada. Amala kiristaanaa amanamaa tokkoo fudhachuudhaan Waaqayyoon akka ittiin guddattuuf akka si gargaaruuf kadhada.</p>

	<p><b>A2 – Sadarkaa 3</b>  <b>Barumsa 3 – Nohi fi Bishaan Badisaa</b>  <b>Barnoota – Doonichaan olee.</b></p>	<p><b>A2 – Sadarkaa 4</b>  <b>Qu’aannoo 3 – Nohifi bishaan badiinsaa</b>  <b>Barnoota – Waaqayyoofo hojjechuu.</b></p>
	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Uumama 8:1-22</b>  <b>Jecha furtuu: Uumama 8:1</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyoon Noohi, Maatii isaa fi bineensota inni qabatee ture yaadatee isaan fayyise.</li> <li>2. Waaqayyo Noohiin doonii keessatti waan yaadateef Nooh isa galateeffate.</li> <li>3. Waaqayyos lubbuu qabeeyyii lammata akka hin balleessineef waadaa seene.</li> </ol>	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b>  <b>Uumama 6:14-22; 7:1-24</b></p> <p><b>Jecha furtuu: Ibroota 11:7</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyoo waa’ee ijaarsa doonii ilaalchisee Noohiif ajaja kennee ture.</li> <li>2. Nooh ajaja Waaqayyoo fudhatee ittiin fayyee jira.</li> </ol>
<p><b>WAL BARSIIISUU</b></p>	<p>Maatii fi hiriyoonni kee ykn barsiisonni kee sirraa arguu barbaadan hundaa tarreessi.  Waaqayyoo guyyaa guyyaatti maal akka sirraa barbaadu tarreessi.  Maatii, hiriyootaa fi barsiisota keenya galateeffachuun barbaachisaa akka tahe bari. Kana caalaayyuu yoo isa amanne kan nu oolchu Waaqayyoon galateeffachuu qabna.</p>	<p>Qajeelfamoota xayaaraa fi doonii irratti kennaman garee waliin mariyadhaa. Namoonni kanneen ni raawwatu laataa? Maaliif hin raawwatan? Nooh maaliif qajeelfama Waaqayyoon kennu hundaa fudhachuuf tole jedhee?</p>
<p><b>XUMURUU</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyo Nooh, maatii isaa fi bineensota doonii keessatti isaan yaadatee. Lafa irratti qilleensa ergee bishaan lolaa gadi bu’uu jalqabe.</li> <li>2. Guyyoota 150 booda (walumatti ji’oota 5) dooniin kun tulluu Araaraat irra jira. Kanaan booda baatii lamaaf walakkaa booda bishaan gad bu’uudhaan tulluuwwan biroon argaman.</li> <li>3. Guyyoota 40 booda Nooh foddoo doonii kanaa bane gugee erge. Gugeenis lafa gogaa dhabdee gara dooniitti deebite. Guyyoota 7 booda Nooh gugee dabalee erge. Gugeen yeroo kana baala fiddee dhufte. Yeroo kana Nooh lolaan akka darbe bare. Gugee deebisee ammas ergee guyyoota 7 booda, gugeen hin deebine.</li> <li>4. Xumura irrattis lolaan gahee ji’oota 12 fi walakkaa booda lafti gogaa tahe.</li> <li>5. Waaqayyoo Noohiin maatii isaa fi bineensota waliin akka doonii keessaa bu’an itti hime.</li> <li>6. Nooh baay’ee galateeffate. Mana sagadaa ijaaree Waaqayyoofo aarsaa gubatu kaffale.</li> <li>7. Waaqayyoo aarsaa Noohitti gammadee jira. Kanaan boodas lubbuu qabeeyyii akka hin balleessine waadaa seene.</li> </ol> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b>  <b>Barnoota 3 goolabuu</b>  <b>Agarsiisuu: FBI – Waaqayyoo samii fi lafa uume (1)</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyo Noohiif qajeelfama kennuudhaan doonii guddaa akka ijaaruu fi lolaa dhufuuf akka qophaawu taasisee jira.</li> <li>2. Waaqayyoo waa’ee lolaa kanaa Noohitti himee ture.</li> <li>3. Waaqayyo Noohiin akka oolchu maatii isaa fi bineensota akka oolchuitti himeera.</li> <li>4. Waaqayyoo akkamiin bineensota kana akka oolchu ajaja itti kenne. Nooh, maatiin isaa fi bineensonna doonii keessa seenanii Waaqayyoo keessatti isaan cufe.</li> <li>5. Lolaan guyyoota 40 turee lubbuu qabeeyyiin doonii ala turan dhuman. Nooh, maatii isaa fi bineensonna keessa jiran lubbuun isaanii oolee jira. Hunda isaanii Waaqayyoon isaan eegee bishaan lolaa irraa hafanii jiru.</li> </ol> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b>  <b>Barnoota 3 goolabuu</b>  <b>Agarsiisuu: FBI – Waaqayyoo samii fi lafa uume (1)</b></p>
<p><b>KEESSA DEEBI’UU</b></p>	<p>Poostarii irratti wantoota Waaqayyoon galateeffannuuf keessumattuu fayyina waan nuu kenneef haa tarreessinu.</p>	<p>Seenaa kana keessaa amaloota Waaqayyoo fi Nooh ilaalchisee maal hubannaa? Tokkoon tokkoo kana ibsuuf jechoota ta’an tatteessaa.</p>
<p><b>ITTIIN JIRAACHUU</b></p>	<p>Barnoota kana akkamiin jireenya keenyatti raawwannaa? Waaqayyo Noohiin fayyisee isa kunuunse. Nooh Waaqayyoon galateeffate. Waaqayyo ni danda’a nu fayyisuuf fedhii qaba. Nutis isa amanuu fi isa galateeffachuu qabna.</p>	<p>Barnoota kana akkamiin jireenya keenyatti raawwannaa? Jecha furtuu dubbisi. Jireenya keenya keessatti fakkeenya Nooh akkamiin qabannaa? Kun namoota nu waliin jiran irratti dhiibbaa maalii qabaa?</p>

	<p>A2 – Sadarkaa 3 Barumsa 4 – Nohi fi Bishaan Badisaa Barnoota – Doonii keessaa ba’u isaani.</p>	<p>A2 – Sadarkaa 4 Qu’aannoo 4 – Nohifi maatii isaa. Barnoota – Waaqayyoon waaqeessuu.</p>
	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Uumama 9:7-17</b> <b>Jecha furtuu: Uumama 9:15</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyoo Nooh waliin kakuu seene. Kanaan booda lubbu qabeeyyii akka hin balleessine waadaa seene.</li> <li>2. Waaqayyoo kanaaf ragaa akka tahuuf samii irratti Sabbata Waaqayyoo agarsiise.</li> </ol>	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b> <b>Uumama 8:1-22; 9:11-16</b></p> <p><b>Jecha furtuu: Ibroota 2:8</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyoo Noohii, maatii isaa fi bineensota yaadate.</li> <li>2. Nooh akkuma doonii keessaa baheen ni galateeffate kanaafis Nooh hojii kamiyyuu dursee Waaqayyoof sagade.</li> <li>3. Waaqayyos kanaan booda jiraattota lafaa akka hin balleessine waadaa seene.</li> </ol>
WAL BARSIIISUU	<p>Nama lama lamaan waadaalee adda addaa namoonni seenan irratti mariyadhaa. Namoonni yeroo hundumaa waadaa seenan ni guutuuree?</p>	<p>Nama lama lamaan waa’ee kaardii galateeffannaa fi kennaa irratti mariyadhaa. Namoonni maaliif isaaniif erguu? Atis namaaf ergitee beektaa? Maaliif?</p>
XUMURUU	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyoo Noohii fi maatiin isaa akka wal horanii fi lafarra akka guutan itti hime.</li> <li>2. Waaqayyoo waadaa addaa Nooh fi ilmaan isaatiif bineensotaa fi lubbu qabeeyyii hundumaaf waadaa seene.</li> <li>3. Waaqayyoo lammata lafaa fi lubbu qabeeyyii lolaadhaan akka hin balleessine kakate.</li> <li>4. Waaqayyoo sabbata Waaqayyoo waadaa kana agarsiisuuf tolche. Kunis kan bara baraa ti. Waadaa isaa lammata hin cabsu.</li> </ol> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 4 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: FBI – Waaqayyoo samii fi lafa uume (1)</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waaqayyoo Nooh, maatii isaa fi bineensota doonii keessatti isaan yaadatee. Lafa irratti qilleensa ergee bishaan lolaa gadi bu’uu jalqabe.</li> <li>2. Guyyoota 150 booda (walumatti ji’oota 5) dooniin kun tulluu Araaraat irra jira. Kanaan booda baatii lamaaf walakkaa booda bishaan gad bu’uudhaan tulluuwwan biroon argaman.</li> <li>3. Guyyoota 40 booda Nooh foddada doonii kanaa bane gugee erge. Gugeenis lafa gogaa dhabdee gara dooniitti deebite.</li> <li>4. Guyyoota 7 booda Nooh gugee dabalee erge. Gugeen yeroo kana baala fiddee dhufte. Yeroo kana Nooh lolaan akka darbe bare.</li> <li>5. Gugee deebisee ammas ergee guyyoota 7 booda, gugeen hin deebine.</li> <li>6. Xumura irrattis lolaan gahee ji’oota 12 fi walakkaa booda lafti gogaa tahe.</li> <li>7. Waaqayyoo Noohii maatii isaa fi bineensota waliin akka doonii keessaa bu’an itti hime.</li> <li>8. Nooh baay’ee galateeffate. Mana sagadaa ijaaree Waaqayyoof aarsaa gubatu kaffale.</li> <li>9. Waaqayyoo aarsaa Noohitti gammadee jira. Kanaan boodas lubbu qabeeyyii akka hin balleessine waadaa seene.</li> </ol> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 4 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: FBI – Waaqayyoo samii fi lafa uume (1)</b></p>
KEESSA DEEBI’UU	<p>Kalaqaa! Poostarii sabbata Waaqayyoo kaasaa. Mata duree “Waaqayyoo waadaa isaa ni eega!”</p>	<p>Gareedhaan mariyadhaatii akka gareetti yaada kennaa. Barnootni kun waa’ee sagaduu maal nu barsiisaa?</p>
ITTIIN JIRAACHUU	<p>Barnoota kana akkamiin jireenya keenya ittiin jiraannaa: Waaqayyoo Noohiiif waadaan seene kan bara baraa ti. Waaqayyoo waadaa seene bara baraaf ni eeggata! Kun jireenya keenya keessatti garaagarummaa maalii uumaa?</p>	<p>Barnoota kana akkamiin jireenya keenya ittiin jiraannaa: Nooh Waaqayyoon galateeffate. Nutis qabatamaan akkamiin Kennaa Waaqayyoo nuuf kenneef akkamiin isa galateeffannaa?</p>

	<p><b>A3 – Sadarkaa 3</b>  <b>Barumsa 1 – Jireenya Phexros</b>  <b>Barnoota – Gooftaan Yesus Phexrosiin waame.</b></p>	<p><b>A3 – Sadarkaa 4</b>  <b>Qu'aannoo 1 – Phexros</b>  <b>Barnoota – Waamicha isaa.</b></p>
	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b>  <b>Maatewoos 4:17-22</b>  <b>Jecha furtuu: Maatewoos 4:19</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b>  1. Yesus namoonni akka isa duukaa bu'an waame.  2. Yesus duukaa bu'uu jechuun isa amanuu, dhiifatama gaafachuu fi cubbuu irraa maquu dha.</p>	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b>  <b>Maatewoos 4:17-22; Yohaannis 1:35-42</b>  <b>Jecha furtuu: Maatewoos 4:19</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b>  1. Iindiriyaas fi tarii Yohaannis jalqaba Yesuusiin kan argan boodas duukaa buutota isaa ta'aniiru.  2. Yesus Masiha akka tahee fi fayyisaa akka tahe amanan.</p>
<b>WAL BARSIIISUU</b>	<p>So-soochoo,iinsaa isportiin ykn immoo ijaarsaa biraa keessaattii hirmaachuun garee wajjiin hojjeetu dhugaa barbaachiisuu dubbaachuu.  Tajaajilaa jalqaaba lyesus Kristoosidha. Innii ergaa deemee boda namootaa hojjiichaa ittii fufsiisaan hin barbaachiisaa turee.</p>	<p>Namoonnii garee kubbaa milaa tokkoon ynk immoo deggaartoota namtiichaa sagalee is aatiin beekaam ta'ee takkoo ynk dukaa butoonnii isaa akkaam akka ta'an waliin dubadha.  Namoonnii dukaa butuu lyesus ta'an amaalaafi kaniinnii dubaatu jechaa isaa dhaga, anii akkaamiittii akka turee ibsaaf.  Namoonnii muraasnii dukaa butuu lyesus akkaata'an wamiichaa akka isaaniif godhee ibsaaf.</p>
<b>XUMURUU</b>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b>  1. Ergaa Yesus lallabe (4:17)  2. Yesus Pheexiroosii fi Yohaannis qabduu qurxummii isaanii yeroo bishaan keessatti darbatan isaan arge.  3. Yesus kanneen qurxummii qaban waamee hojii isaa akka hojjetaniif isaanin leenjise.  4. Isaanis hatattamaan waamicha isaatiif deebii kennan.  5. Yesus Yaaqoobii fi Yohaannis waamee isaanis hatattamaan deebii kennan. Kunneen duukaa buutota isaan duraa ti.</p> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b>  <b>Barnoota 1 goolabuu</b>  <b>Agarsiisuu: seenaan FBI mijataan hin jiru</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b>  1. Yohaannis inni cuuphaan Yesus hoolaa Waaqayyoo akka tahe kan dubbate yeroo ta'u Iindiriyaas fi hiriyyoonni isaa inni Masiha akka tahe amanan. (Yohaannis 1:35,41)  2. Iindiriyaas gaheen isaa Pheexiroosiin Yesuusitti barsiisuu ture. Kanaan booda yeroo qurxummii qaban Yesuusiin arguun isaanii ajaa'ibaa miti; innis akka isa duukaa bu'an isaanitti  3. himee hatattamaan duukaa bu'an.  4. Fakkeenya ragummaa Iindiriyaas kan dhuunfaa isaa ti.  5. Dhuunfaadhaan Yesus waliin turuu fi namoota biraatti himachuu.</p> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b>  <b>Barnoota 1 goolabuu</b>  <b>Agarsiisuu: seenaan FBI mijataan hin jiru</b></p>
<b>KEESSA DEEBI'UU</b>	<p>Gaaffilee barattootaaf dhiyaatan:  Yesus namoota kana addatti maaliif waamee?  Waamicha Waaqayyoo of owwachuu jechuun maal jechuu dhaa?  Waamicha Waaqayyoo akka hin owwaanne wantoonni dhorkatan maaliif?  Yesus isaaniif waadaa maalii seenee? (4:19 ilaali)</p>	<p>Gaaffilee barattootaaf dhiyaatan:  Waaqayyoo jireenya keetiiif karoora akka qabu maaliin beektaa?  Yesuus duukaa buutota duraa kanneeniif karoora maalii qabaa?  Karoora Waaqayyoo beekuun faayidaa maalii qabaa?  Karoora Waaqayyoo jireenya keenyaaf qwabuu fi akkamiin deebii akka kenninu maaliin beeknaa?</p>
<b>ITTIIN JIRAACHUU</b>	<p>Barnoota kana akkamiin jireenya keenyatti raawwannaa? Dhiifatama gaafachuun maal akka tahe mariyadhaa.  Kadhannaa dhiifatama kadhannaa barreessuudhaan bakka badheetti gati.  Waamicha Kiristaanotaa yeroo ammaa fkn Deeviid Livingston faa irratti mariyadhaa.</p>	<p>Barnoota kana akkamiin jireenya keenyatti raawwannaa? Har'a akkamiin waa'ee Waaqayyoo dhugaa baanaa? Maqaalee fi muudamoota Yesus muraasa tarreessi.</p>

	<p><b>A3 – Sadarkaa 3</b>  <b>Barumsa 2 – Jireenya Phexros</b>  <b>Barnoota – Qurxummiwwan baay’ee ta’an kiyyeese.</b></p>	<p><b>A3 – Sadarkaa 4</b>  <b>Qu’aannoo 2 – Phexros</b>  <b>Barnoota – Wantota isa dhiban.</b></p>
	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Luqaas 5:1-11</b>  <b>Jecha furtuu: Roomaa 3:23</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Duukaa buutonni Yesuusiif abboomamuu barani.</li> <li>2. Yesuus humna qabaa raajii ni hojjeta.</li> <li>3. Waaqayyo nama fayye kamiyyuu ni fayyadama.</li> </ol>	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Maatewoos 14:22-23</b>  <b>Jecha furtuu: Maatewoos 14:33</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Duukaa buutonni Yesuus ilma Waaqayyoo akka tahee fi sodaa keenya akka nurraa balleessu amanan.</li> <li>2. Yesuusiin amanuun bubbee jireenyaa injifachuuf nuuf ta’a.</li> </ol>
<b>WAL BARSIIISUU</b>	<p>Mana barnootaa keessatti yeroo baay’ee teestii ykn qormaati barnoota isaanii sirriitti barachuu isaanii mirkaneessuuf akka qorataman baruuf akka oolu mariyadhaa.</p> <p>Yesuus amantii duukaa buutotaa akkanaa qoratee jira.</p>	<p>Jireenya keenya imala akka tahee yeroo dhalannee kaasee hanga duunutti akkasuma. Yeroon gaarii fi gadheen ni jiru.</p>
<b>XUMURUU</b>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Yesuus doonii Pheexiroos keessaa dubbate.</li> <li>2. Yeroo xumure deebi’anii akka qurxummii qaban isaan gaafate. (Galgala guutuu qurxummii qabuuf akka bulanii fi dadhabanii beela’anii akka turan homaallee akka hin qabne itti himan)</li> <li>3. Pheexiroos akkuma Yesuus jedheen ajaja fudhatee qurxummii baay’ee qabate</li> <li>4. Pheexiroos Yesuus hagam guddaa akka tahee fi hagam akka hin hubatamne bare! (jecha 8)</li> <li>5. Duukaa buutonni waan hundaa dhiisanii Yesuus duukaa bu’ani.</li> </ol> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b>  <b>Barnoota 2 goolabuu</b>  <b>Agarsiisuu: seenaan FBI Yesuus duukaa buutota isaa duraanii waammate. (p)</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Yesuus raajii baay’ee erga hojjetee booda galaana Galiilaan achitti isaan erge.</li> <li>2. Innis kadhannaaf tulluutti ol bahe.</li> <li>3. duukaa buutonni bubbleen galaanaa isaan qunname.</li> <li>4. Yesuus galaana irra deemee isaanitti dhufe.</li> <li>5. Pheexiroos gara Yesuus dhufuuf gaafatee, Yesuus kottu jedheen.</li> <li>6. Pheexiroos gadi liqimfamuu eegalee Yesuusiin na fayyisi jedheen.</li> <li>7. Yesuusitti amanuun maal akka fayyadu himi.</li> <li>8. Yeroo Yesuusitti amanuu akkamiin jireenya keenya keessatti akka nu gargaaru ibsi.</li> </ol> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b>  <b>Barnoota 2 goolabuu</b>  <b>Agarsiisuu: seenaan FBI Yesuus bishaan irra adeeme (I)</b></p>
<b>KEESSA DEEBI’UU</b>	<p>Gaaffilee barattootaaf:</p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Simoon Pheexiroos sarara 5 irratti deebiin kenne maal jechuu dhaa?</li> <li>2. Pheexiroos waa’ee cubbuu isaa dhiifatama yeroo kadhatu barnoota maalii barannaa?</li> <li>3. Dhiifatama gaafachuu jechuun maal jechuu dhaa?</li> <li>4. Yesuusiif jennee akkamiin “waan hundaa dhiisuu dandeenyaa?”</li> </ol>	<p>Gaaffilee barattootaaf:</p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Jechi Yesuus sarara 27 irratti kenne akkamiin nu jajjabeessaa?</li> <li>2. Seenaa kana keessatti fakkeenya Pheexiroos irraa maal barannaa?</li> <li>3. Jireenya keenya keessatti bubblee ka’an ilaalchisee maal barannaa?</li> </ol>
<b>ITTIIN JIRAACHUU</b>	<p>Barnoota kana akkamiin jireenya keenyatti raawwannaa?</p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Torbee dura jirutti Yesuusiif ajajamuuf waan gootu sadii tarreessi.</li> <li>2. Kiristaanni ati beektu yeroo dhiifatama Waaqayyoo dubbatu yoo jiraate akka sitti himu gaafadhu.</li> </ol>	<p>Barnoota kana akkamiin jireenya keenyatti raawwannaa?</p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Akka garreetti bubbleen cimaan jireenya kee keessatti argamu fi Yesuus akkamiin kana akka sirraa qolu mariyadhaa.</li> <li>2. Kun jireenya keenya keessatti hariiroo maalii qabaa?</li> </ol>



	<b>A3 – Sadarkaa 3</b> <b>Barumsa 3 – Jireenya Phexros</b> <b>Barnoota – Yesus Phexrosiin oolche.</b>	<b>A3 – Sadarkaa 4</b> <b>Qu’aannoo 3 – Phexros</b> <b>Barnoota – Yaada gara geddarachuu isaa.</b>
	<b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b> <b>Maatewoos 14:22-33</b> <b>Jecha furtuu: Maatewoos 14:33</b>  <b>Barnoota barannu:</b> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Yesuus ilma Waaqayyoo ti.</li> <li>2. Yesuusiin amanuun bubbee jireenyaa irra aanuu fi soda keenya injifachuuf nuuf ta’a.</li> </ol>	<b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Maatewoos 16:23-28</b> <b>Jecha furtuu: Roomaa 10:9</b>  <b>Barnoota barannu:</b> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Yesuus Kiristoos ykn Masiha dha.</li> <li>2. deebiin Gooftaan Pheexiroosiif deebise bu’uura waldaa ti.</li> </ol>
<b>WAL BARSIIISUU</b>	Waa’ee imala jireenyaa dubbadhaa. Jireenyi akkuma imalaa akka tahee fi kunis yeroo dhalannu kan eegaluu hanga duunutti akka deemu ibsi.	Gaaffiin nama hundaayyuu Yesuus dhugumatti eenyu akka tahe beekuu dha. Yesuus eenyu akka tahe ilaalchisee namoonni deebii adda addaa akka kennan Yesuus duukaa buutota isaatiin eenyu akka tahe gaafachuu isaa irratti dubbadhaa.
<b>XUMURUU</b>	<b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b>  <b>Marii fi ibsa:</b> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Yesuus raajii cimaa hojjetee duukaa buutota isaa galaana Galiilaan achitti ergee ture.</li> <li>2. Kadhannaaf tulluu irra bahe.</li> <li>3. Duukaa buutonni isaa bubbee keessa galan.</li> <li>4. Yesuus kana beekke galaana irra deeme dhufeef.</li> <li>5. Pheexiroos akka isa bira dhaquuf isa gaafate. Pheexiroos galaana irra deemuu jalqabe.</li> <li>6. Pheexiroos garuu gadi lixuu jalqabee Yesuusiin na baasi jedheen.</li> <li>7. Yesuus Pheexiroosiin qabee baase. Yesuusiin amanuun bu’aa inni qabu ibsi.</li> <li>8. Yeroo Yesuussitti amannu bubbee jireenyaa keenya nurraa akka balleessu ibsi.</li> <li>9. Yeroo rakkinnaa Yesuusitti amanuun faayidaa inni qabu ibsi.</li> </ol> <b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 3 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: Yesuus bishaan irra deeme – FBI (i)</b>	<b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b>  <b>Marii fi ibsa:</b> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Yesuus yeroo baay’ee kan daawwate gara Kaabaa ture. (Maappii ilaalaa)</li> <li>2. Namoonni maal akka isaan jedhan gaafate. Deebii afur argate.</li> <li>3. Pheexiroosiin “Ato maal naan jetta?” jedhee gaafatee Pheexiroos hatattamaan deebii kenneef.</li> <li>4. Kanneen akka inni ilma Waaqayyoo ta’e amanan waldaa Waaqayyoo akka tahan dubbate malee waldaan gamoo akka hin taane dha.</li> <li>5. Akka du’ee du’aas ka’u itti hime.</li> <li>6. Pheexiroos kun akka ta’uu hin malle morme. Gooftaan Pheexiroosiin waan jedhe ilaalaa.</li> </ol> <b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 3 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: seenaan FBI mijataan hin jiru</b>
<b>KEESSA DEEBI’UU</b>	Gaaffilee barattootaaf: Yesuus akkamiin soda keessaa akka baanu nu taasisaa? Rakkoolee ijoollee muraasa tarreessaa. Seenaan kun akkamiin nu gargaaraa?	Gaaffilee barattootaaf: Nuti kan Yesuus ta’uu keenyaaf akkamiin guutummaan guutuutti amannaa? Akkamiin qaama waldaa taanaa? Qaama waldaa ta’uun faayidaa maalii qabaa?
<b>ITTIIN JIRAACHUU</b>	Barreeffamoota maxxansi jedhu irratti barreessuudhaan fannoo irratti isaan fannisaa. Sabbata Waaqayyoo kaasaatii waadaa kitaaba qulqulluu tokko irratti barreessaa.	Waldaa keessaniif maaliif Waaqayyo akka galateeffattan sababa tokko barreessi. Oduu gaarii Yesuus namootaaf hirtu itti yaadi.

	<b>A3 – Sadarkaa 3</b> <b>Barumsa 4 – Jirenya Phexros</b> <b>Barnoota – Yesus eenyuuni?</b>	<b>A3 – Sadarkaa 4</b> <b>Qu’aannoo 4 – Phexros</b> <b>Barnoota – Tulluu irraatti.</b>
	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b>  <b>Maatewoos 16:13-23</b></p> <p><b>Jecha furtuu: Roomaa 10:9</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Waa’ee ilma Waaqayyoo Yesuus dhugaa bahuu qabna.</li> <li>2. Yesuus mataa waldaa ti.</li> </ol>	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Maatewoos 17:1-13</b>  <b>Jecha furtuu: 2 Phexiroos 1:16-18</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Yesuus ilma Waaqayyoo tokkichaa dha.</li> <li>2. Yesuus Musee ykn Eliyaasiin ni caala.</li> </ol>
<b>WAL BARSIIISUU</b>	<p>Waa’ee nama beekamaa dubbadhuutii maaliif akka beekamaa jedhame hubadhu. Yesus beekamaadha haata’u malee namoonni hanga ammaatti Inni akka eenyu ta’e hin beekan.</p>	<p>Seenaa hin irraanfataamne barattoonni sammuu qabatan dubbadhu. Waa’ee duuka buutota sadanii Yesuusiin tulluu irratti ulfina isaa guutuun arganii ibsiif.</p>
<b>XUMURUU</b>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Namoonni maal akka isaan jedhan gaafate. Deebii afur argate. Deebiiwwan kana qalbeeffadhaa.</li> <li>2. Pheexiroosiin “Ato maal naan jetta?” jedhee gaafatee Pheexiroos hatattamaan deebii kenneef. Kun amantootaaf maal jechuu akka tahe ibsi.</li> <li>3. Kanneen akka inni ilma Waaqayyoo ta’e amanan waldaa Waaqayyoo akka tahan dubbate malee waldaan gamoo akka hin taane dha.</li> <li>4. Akka du’ee du’aas ka’u itti hime.</li> <li>5. Pheexiroos kun akka ta’uu hin malle morme. Gooftaan Pheexiroosiin waan jedhe ilaalaa.</li> </ol> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b>  <b>Barnoota 4 goolabuu</b>  <b>Agarsiisuu: seenaan FBI mijataan hin jiru</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b></p> <ol style="list-style-type: none"> <li>1. Yesuus tulluu irratti duukaa buutonni sadii akka waliin turan taasise.</li> <li>2. Musee fi Eliyaas waliin kabaja guutuudhaan argame.</li> <li>3. Pheexiroos sadan isaaniif godoo ijaaree waliin turuuf filatee ture.</li> <li>4. Waaqayyoo samii keessaa Yesuus isaan akka caalu itti dubbate.</li> <li>5. Yesuus adda ta’uu isaa fi nama ajaa’ibaa ta’uu isaa ibsi.</li> <li>6. Jirenya keenya keessatti bakka dursaa kennuun hagam akka barbaachisaa ta’e ibsi.</li> </ol> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b>  <b>Barnoota 4 goolabuu</b>  <b>Agarsiisuu: seenaan FBI Yesuus ni jijjiirame. (I)</b></p>
<b>KEESSA DEEBI’UU</b>	<p>Gaaffilee barattootaaf:  Jechi Pheexiroos (sarara 22) maaliif dogoggora ta’ee?  Waldaan akkamiin Waaqayyoon caalaatti akka tajaajillu nu gootii?  Yesuus dhugumatti eenyu akka tahe akkamiin caalmaatti dhugaa baanaa?</p>	<p>Gaaffilee barattootaaf:  Pheexiroos jijjiiramuu (transfiguration) Yesuus akkamiin dubbatee?  Duukaa buutonni muuxannoo kana irraa maal argatanii?  Jirenya keenya keessatti akkamiin bakka dursaa Yesuusiif kenninaa?</p>
<b>ITTIIN JIRAACHUU</b>	<p>Miseensa waldaa ta’uun faayidaalee kennu tarreessuudhaan dadaa irratti maxxansaa.  Nama dhugaa baatuuf adda baasuudhaan kadhannaa idileedhaan duukaa bu’uuf murteessi.</p>	<p>Wantoota Yesuusiin bakka dursaa akka hin kennine nu taasisan tarreessaa.  Sarara 5 irratti “Isa dhagayaa” ilaaluudhaan Waaqayyoo maal akka siin jedhu turban kana dhaggeeffadhu.</p>

	<p><b>A4 – Sadarkaa 3</b>  <b>Barumsa 1 – Jireenya Phexros</b>  <b>Barnoota – Fakkeenya jaalalaa.</b></p>	<p><b>A4 – Sadarkaa 4</b>  <b>Qu’aannoo 1 – Phexros</b>  <b>Barnoota – Barumsa garalafummaa.</b></p>
	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b>  <b>Jecha furtuu: Yohaannis 13:15</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b>  1. Yesuus tajaajilaa dhugaa ti.  2. Nutis isaan biro tajaajiluu qabna.</p>	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Yohaannis 13:1-17</b>  <b>Jecha furtuu: Yohaannis 13:15</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b>  1. Yesuus tajaajilaa fedhii Waaqayyoo ajajamaa ture.  2. Jireenya kiristaanaaf ajajamuun murteessaa dha.</p>
<b>WAL BARSIIISUU</b>	<p>Biyyi Yesuus keessa jiraachaa ture ho’aa fi gogaa dha. (Biyya barattoonni jiran waliin dorgomsisi). Namoonni lafa biyyoo irra deemu; mana yeroo gahan abbaan manaa nyaata dhiyeessuun dura miila isaanii dhiqachuu isaanii mirkaneessuu qaba. (Ammallee dhimma aadaa mana barattootaa yeroo seenamuu itti yaadadhu)</p>	<p>Gooftaan Yesuus Kiristoos waa’ee jireenya Kiristaanaa dhugaa ciccimaa jechamootaan dubbatee jira. Haala kanaan barnoota isaa jechamootaan dubbachaa ture.</p>
<b>XUMURUU</b>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b>  1. Guyyaa Yesuus fannifameen dura duukaa buutota isaa waliin irbaata isa xumuraa nyaachaa ture.  2. Namnuu aadaa isaa hin yaadannee miila isaanii hin dhiqanne. Yesuus kana gochuuf qophii qaba ture. (sarara 4-5)  3. Pheexiroos Yesuus miila isaa akka dhiquuf hin feene.  4. Yesuus garuu akka dhiquufii qabuu fi kanaan achi Pheexiroos isaa waliin akka wal hin beekne itti hime (sarara 8)  5. Yesuus miila isaanii kan dhiqe hundi keenya gadhee akka qabnuu fi cubbuun keenya nurraa dhiqamuu akka qabu inni qofti kanaaf akka fannoo irratti nuuf du’e hubachiisuuf dha.  6. Akkasumas Yesuus namoota biroof jennee hojiiwwan tuffatamoo hojjechuu akka qabnu nutty dhaame.  7. Miila walii dhiquun faayidaa maalii akka qabu ibsi.</p> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b>  <b>Barnoota 1 goolabuu</b>  <b>Agarsiisuu: Yesuus miila duukaa buutotaa isaa dhiqe (p)</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b>  1. Yesuus duukaa buutota isaa waliin ayyaana faasikaa kabajaa turee Israa’eloonni Misiraa keessaa yeroo bahan wantoota ta’an hundaa yaadachaa ture.  2. Yeroo kanatti barnoota murteessaa lamaan barsiise.  3. Jalqaba bakka tajaajilaa bu’ee miila isaanii dhiqeeff innis hojiiwwan tuffataman hojjechuu fi fakkeenya isaanii tahuu isaa mul’ise. (sarara ijoo ilaali)  4. Hundi keenyuyyuu cubbuu keenya irraa qulqullaa’uu akka qabnuu fi (fakkeenya qaama dhiqachuu kennuun (sarara 10) garuu guyyaa guyyaatti miila keenya dhiqachuu akka qabnuu fi guyyaa hundaa cubbuu waan hojjennuuf dhiifama isarraa gaafachuu akka qabnu dha. Waaqayyo Pheexiroosiin maal akka jedhee fi barattoonni kana akka hubatan gargaari.  5. 10) garuu guyyaa guyyaatti miila keenya dhiqachuu akka qabnuu fi guyyaa hundaa cubbuu waan hojjennuuf dhiifama isarraa gaafachuu akka qabnu dha. Waaqayyo Pheexiroosiin maal akka jedhee fi barattoonni kana akka hubatan gargaari.  6. Lammaffaa daabboo fi wayniin fuudhee daaboon foon isaa akka fannifamee fi wayniin dhiiga isaa fannoo irratti dhangala’e akka tahe dubbate. (Luqaas 22:19 fi 20 ilaali)</p> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b>  <b>Barnoota 1 goolabuu</b>  <b>Agarsiisuu: Yesuus miila duukaa buutotaa isaa dhiqe (p)</b></p>
<b>KEESSA DEEBI’UU</b>	<p>Torban itti aanutti Kiristaanonni akkamiin akka wal tajaajilan qabatamaan mariyadhaa. Garee waldaan ala jiran akkamitti waggaa itti aanu akka tajaajiltu itti yaadi.</p>	<p>Har’a akkamiin ajajamuu akka qabnu mariyadhaa. Akkamiin Waaqayyoon dursa akka goonuu yaadadhu. Jireenya kiristaanaa ajajamuudhaan beekamaa qoradhu.</p>
<b>ITTIIN JIRAACHUU</b>	<p>Barnoota kana akkamiin jireenya qabatamaatti jijjiirraa: Yesuus biyya lafaa kana irra yeroo ture akkamiin tajaajilee?  Yesuus nuti kiristaanota taanullee cubbamootaa fi guyyaa guyyaatti inni akka nu qulqulleessu gaafachuu fi dhiifatama gaafachuun akka nurra jiru nutty himeera.</p>	<p>Barnoota kana akkamiin jireenya qabatamaatti jijjiirraa: Pheexiroos mudannoo kana irraa maal barataa?  Cubbuu keenya irraa qulqullaa’uun maal jechuu akka tahee guyyaa guyyaatti Gooftaatti dhiyaachuuf fedhii isaa jiraachuuf maal gochuu akka qabnu itti yaadi.</p>

	<p>A4 – Sadarkaa 3 Barumsa 2 – Jireenya Phexros Barnoota – Gooftaa isaa gane.</p>	<p>A4 – Sadarkaa 4 Qu'aannoo 2 – Phexros Barnoota – Barumsa amanamummaa.</p>
	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b> <i>Luqaas 22:31-34,54-62</i> <b>Jecha furtuu: Luqaas 22:31-32</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b> 1. Nuti kan Yesuusi jechuun ulfaataa dha. 2. Yeroo hundumaa dhugaa isaa dubbachuuf yaaluun nurra jiraata.</p>	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b> <i>Luqaas 22:31-34,39-62</i> <b>Jecha furtuu: Luqaas 22:31-32</b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b> 1. Ofitti amanamummaa dhiifnee Yesuusitti amanuu qabna. 2. Cubbuu keenyaaf dhugumaan dhiifama gaafachuu qabna akkuma Pheexiroos.</p>
<b>WAL BARSIIISUU</b>	<p>Haalota barattoonni ittiin soba dubbatan yaadadhuu ykn yeroo isaan dhugaa jiru guutummaatti hin himne yaadadhu. Yeroo tokko tokko maaliif dhugaa dubbachuu akka sodaannu yaadi. Pheexiroos haala kana keessa seenuu isaa hubadhu.</p>	<p>Pheexiroos Yesuusiin akka dhiisee hin baqanne dubbatee inumaayyuu isa waliin hidhamuu ykn du'uuf jedhee dubbate. (Luqaas 22:33) Of tuulummaan kufaatii dura akka dhufu hubanna. Fakkeenya 16:18) Pheexiroos of tuulummaan isaa kufaatii cimaa dura itti dhufee ture.</p>
<b>XUMURUU</b>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b> 1. Pheexiroos Yesuus yeroo qabamee deeme duukaa bu'ee gara mana hidhaa deeme. 2. Achitti namoota biroo keessatti makame. 3. Muraasni isaanii duukaa bu'aa ykn hiriya Yesuus akka ture isa gaafannaan inni Yesuusiin akka hin beekne sobee dubbate. 4. Yesuus gara Pheexiroos ilaalee Lukkuun yeroo iyyitu Pheexiroos maal akka ittiin jedhe yaadate. Diida bahee boo'e. Yesuus yeroo isa barbaadutti isa ganee jagna mannaa gantuu tahee ture.</p> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 2 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: Pheexiroos Yesuusiin gane (p fi i)</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b> 1. Pheexiroos burjaaja'eera. Yesuus waa'ee ganummaa isaa waan Yesuus jedhe ni beeka (22:34). Yesuusiin gargaaruu cimaa akka tahe dubbatee ture. 2. Garuu yeroo Yesuus hidhamee reebame argee gane. Akkuma Yesuus jedhetti lukkuun osoo hin iyyiin al sadii isa gane. 3. Yesuusiin ganuu isaatiin hagam akka ceephawe yaadi. 4. Uumama goyyomsaa Pheexiroos irratti mariyadhaa. 5. Barbaachisummaa bakka deemnuu eenyu waliin akka makamnuu fi akkamiin akka yaadnu irratti mariyadhaa.</p> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 2 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: Pheexiroos Yesuusiin gane (p fi i)</b></p>
<b>KEESSA DEEBI'UU</b>	<p>Sababoota nuun akka kan Yesuus hin taane nuun dhorkan barreessuudhaan kitaaba qulqulluu keessaa waadaa itti sanaman bukkeetti/biratti barreessi. Pheexiroos Yesuusiin ganee jira; dhiifatama ni godhamaafii? Daawwiit Beetshebaa biratti cubbuu isaa akka waakkate ilaali. (2 Saamu'eel 11) Faaruu 51 keessatti deebi'ee fayye.</p>	<p>Hiriyyoota gaarii keessaa maal akka arginu tarreessi. Torban kanatti Yesuusiif karaa itti amanamaa taatu tokko barbaadi. Yesuus Pheexiroosiin waan dhufaa jiru ilaalchisee yeroo akeekkachiise itti yaadi. (Luqaas 22:32).</p>
<b>ITTIIN JIRAACHUU</b>	<p>Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: Kiristaanonni yeroo tokko tokko kan Yesuus ta'uu isaanii dubbachuun maaliif isaan rakkisaa? Dhugaa dubbachuu irraa kan nu dhorku maalii?</p>	<p>Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: Cubbuu keenyaaf dhugumatti dhiifatama akkamitti gaafannaa? Idileedhaan hiriyyoota akkamii waliin ooluu qabnaa?</p>

	<p>A4 – Sadarkaa 3 Barumsa 3 – Jireenya Phexros Barnoota – Gooftaan Yesus ni du'e.</p>	<p>A4 – Sadarkaa 4 Qu'aannoo 3 – Phexros Barnoota – Barumsa gaddaaf gammachuu.</p>
	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b> <i>Maarqoos 15:22-40</i> <b>Jecha furtuu:</b> <i>Galaatiyaa 2:20</i> <b>Barnoota barannu:</b> 1. Yesuus cubbuu kan hin qabnee fi sirrii dha. 2. Yesuus fannoo irratti nuuf du'uu isaatiif galateeffachuu qabna.</p>	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b> <i>Luqaas 24:1-12 fi 33-49</i> <b>Jecha furtuu:</b> <i>Luqaas 24:46-47</i> <b>Barnoota barannu:</b> 1. Yesuus adabbii cubbuu keenyaa waan fudhateef nuti fayyinee jirra. 2. Yesuus dhiifatamaa fi jireenya bara baraa nuuf kenne.</p>
<b>WAL BARSIIISUU</b>	Akkuma Pheexiroos barattoonni nama biraa gananii yoo ta'e maal akka itti dhagahame gaafadhu. Pheexiroos maal gochuu akka yaalee fi akka hin dandeenye gaafadhu.	Yesuus fannoo irra yeroo ture Pheexiroos maal akka gochaa jiru hin beeknu garuu guyyaa Faasikaa ganamaan gara awwaalcha Yesuus deemee guyyaa sana Yesuus waliin wal argee ture. (sarara 34 ilaali)
<b>XUMURUU</b>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b> <b>Marii fi ibsa:</b> 1. Yesuus akkamiin magaalaa keessaa gara bakka fannootti geeffame ibsi. 2. Akkamiin warri wajjin turan akka arrabsaanii fi itti baacanii ibsi. 3. Dukkanni sa'atii 3 raajii akka tahee fi Waaqayyo ilma isaa cubbuu ta'e akka hin dhiifne ibsi. 4. Yeroo sanatti Yesuus adabbii cubbuu fudhatee bakka keenya cinqame. 5. Yesuu yeroo du'e maal akka tahe ibsi. (sarara 38-39) 6. Deebiin ajajaa waraanaa fannoo bira dhaabatuu maal akka ture ibsi.</p> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 3 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: Yesuus fannifamee du'e (p fi i)</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b> <b>Marii fi ibsa:</b> 1. Guyyaa faasikaa ganamaan dubartiin sun gara awwaalchaa akkamiin akka deemte ibsi. 2. Maal akka arganii fi ergaa maalii akka itti kenname ibsi. 3. Pheexiroos oduu kana yeroo dhagahe maal akka godhe ibsi (sarara 12) 4. Muraasni isaanii Yesuus lubbuun jiraachuu isaa amanuun rakkisaa akka itti tahe ibsi. 5. Gooftaan Yesuus yeroo isaanitti argame maal akka tahe ibsi. 6. Pheexiroosii fi hiriyyoonni isaa Yesuus yeroo ol bahu arganii gammaduu isaanii ibsi. 7. Yesuus cingii isaa akkamiin ibsee? (Sarara 45-47)</p> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 3 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: Yesuus du'aa ka'ee jiraate (p fi i)</b></p>
<b>KEESSA DEEBI'UU</b>	Duuti Yesuus fannoo irraa cimina maalii akka qabu ibsi, maalummaan sarara ijoo kanaa fi dhugaa Yesuus namootaaf du'uu isaa ti. Faayidaan Yesuus fannoo irratti du'uu isaa irratti mariyadhu. Fannoon yaadannoo aarsaa Yesuus kaffale ta'uu isaa yaadadhu.	cubbuu keenyaaf dhiifatama gaafachuu keenyaa akkamiin qabatamaan agarsiisuu dandeenyaa? Yesuus du'a injifatee ka'uu isaa fi samiitti ol bahu isaa ilaalchisee faaruu barreessi.
<b>ITTIIN JIRAACHUU</b>	Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: Yesuus fannoo irratti maaliif du'ee? Yesuus fannoo irratti du'uu isaatiif galateeffannaa keenya akkamiin ibsinnaa?	Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: Yesuus akka jiru maaliin beeknaa? Jireenya bara baraa jechuun maaliif? Dhugumaan dhiifamni akka nuuf godhame akkamiin beeknaa?

A4 – Sadarkaa 3  
Barumsa 4 – Jirenya Phexros  
Barnoota – “Ana jaalattaree?”

A4 – Sadarkaa 4  
Qu’aannoo 4 – Phexros  
Barnoota – Barumsa jalaalaa.

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:**  
*Yohaannis 21:1-17*  
**Jecha furtuu: Yohaannis 21:17**

**Barnoota barannu:**  
1. Nuti yeroo Yesuusiin gannullee akkuma Pheexiroos dhiifatama nuuf godha.  
2. Yesuus namoota biroof akka barsiifnuu fi kunuunsinu akkuma tikeen hoolota isaa tiksu nu tiksa.

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Yohaannis 21:1-20**  
**Jecha furtuu: Yohaannis 21:15**

**Barnoota barannu:**  
1. Yesuus jalqabbii haaraa nuuf kenne.  
2. Kufaatii keenya malee Yesuus inuma nu jaalata.

**WAL BARSIIISUU**

Pheexiroos du’a Yesuus booda jirenya isaa akka haaraatti jalqabe. Gara qe’ee isaatti deebi’ee hojii isaa duraatti qurxummii qabuutti Galiilaatti deebi’e.

Gooftaan Yesuus akka jiraatuu fi duukaa buutota isaatti argamee du’aa ka’een booda yeroo baay’ee jiraachuun isaa argamee jira. (1 Qorontoos 15:3-8)

**XUMURUU**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**  
1. Duukaa buutonni galgala guutuu qurxummii qabuuf yaalanii homaa hin arganne. Bakka galaanaatti dadhabbiidhaan turanii beela’anii turani.  
2. Gooftaan Yesuus yeroo isaan waamaa ture hin dhageenye isaan; qurxummii akka qabatan isaan gaafate.  
3. Isaanis ajaja isaa dhagayanii qabduu isaanii galaanatti gadi yeroo gad lakkisan qurxummii baay’ee qabatani.  
4. Yohaannis Yesuus ta’uu isaa hubatee Pheexiroos ammo isa qabuuf bishaan daake.  
5. Yesuus hunda isaanii cireetti isaan affeerree Pheexiroosiin akka isa jaaklatuun gaafateen.  
6. Pheexiroos akka isa jaalatu fi Yesuus hojii haaraa hoolota isa akka eeguuf itti dhaame.  
7. Yesuus gaaffii wal fakkaataa kana al sadii maaliif akka gaafate irratti mariyadhaa.  
8. Yesuus Pheexiroosiif hojii akkanaa kennuun isaa amantaa hagamii akka irraa qabu ibsi.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**  
**Barnoota 4 goolabuu**  
**Agarsiisuu: FBI - Yesuus Galiilaatti duukaa buutotaatti argamee Pheexiroosiin gaafate (p)**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**  
1. Yesuus du’aa ka’uun booda duukaa buutotaaf kan argame isaan galaana Galiilaa irraa qurxummii qabachuuf osoo hojjechaa jiranii ti.  
2. Qurxummii baay’ee isaaniif kennuudhaan eenyummaa isa agarsiise.  
3. Duukaa buutonni ciree isa waliin nyaatani.  
4. Yesuus Pheexiroosiin al baay’ee waan isa ganeef akka dhiifatama gaafatuuf isa gaafatee ture.  
5. Pheexiroos al sadii Yesuusiin akka jaalatu ibsee isaan biroofillee beeksisee jira.  
6. Kanaan boodas Pheexiroos hoolota Yesuus waldaa haaraa ta’an akka tiksuuf itti gaafatamummaan kennameef. Gooftaa tajaajiluudhaaf carraan lammaffaan kennameef.  
7. Waaqayyo hagam akka nu jaalatu fi nutillee kufaatii qabaannullee inni yeroo hundumaa nu jaalata.  
8. Nuti yeroo baay’ee kufnellee Waaqayyoo akka hin kufne barattootatti himi.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**  
**Barnoota 4 goolabuu**  
**Agarsiisuu: FBI - Yesuus Galiilaatti duukaa buutotaatti argamee Pheexiroosiin gaafate (p)**

**KEESSA DEEBI’UU**

Torban kana Yesuusiin dhaggeeffachuuf yeroo kennuu akka qabdu mariyadhaa. Kiristaana Yesuusiin dhaggeeffachuu beekuu fi fedhii isaa hojjetu barbaadi.

Jaalallii fi dhiifamni Waaqayyoo akkamiin akka nu jajjabeessu mariyadhaa. Yesuus jirenya kiristaanaa jijjiire fakkeenya barbaadi.

**ITTIIN JIRAACHUU**

Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: Jaalala keenya Waaqayyoo ibsuun hagam barbaachisaa akka tahee fi waan nuuf godhe hundaa ibsuun hagam barbaachisaa akka tahe mariyadhaa. Gooftaan nuti yeroo isa gannu carraa tokko caalaa akka nuuf kennuu fi dhugumaan akka dhiifama gaafannu akka barbaadu hubadhaa.

Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: Jaalala Waaqayyoo nuuf qabu akkamiin kunuunfannaa? Gochaa keenyaan jaalala Waaqayyoo nuuf qabu akkamiin mirkaneessinaa?

A5 – Sadarkaa 3  
Barumsa 1 – Jirenya Phexros  
Barnoota – Phexros nilallabe.

A5 – Sadarkaa 4  
Qu'aannoo 1 – Jirenya Phexros.  
Barnoota – Phexxegostee.

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:**  
*Hojii Ergamootaa 2:1-43*  
**Jecha furtuu: *Hojii Ergamootaa 1:8***

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:**  
*Hojii Ergamootaa 2:1-42*  
**Jecha furtuu: *Hojii Ergamootaa 2:38***

**Barnoota barannu:**  
1. Afuurri Qulqulluun duukaa buutota Yesuusiif kennaa kenname dha.  
2. Ergaan duukaa buutotaa nuti dhiifama cubbuu keenyaa gaafachuu akka qabnuu fi dhiifama Waaqayyoo argachuu akka qabnu dha.

**Barnoota barannu:**  
1. Pheenxeqoosheen ayyaana warra Yihuudotaa ti, kunis Faasikaa booda guyyoota shaniif kabajama.  
2. Lallaba Pheexiroos booda waldaan dhalatte.

**WAL BARSIIISUU**

Jirenya isaanii keessatti jijjiirama guddaan yoo jiraate maal akka itti dhagahamu yaadi. Mana barnootaa haaraa, mana jireenyaa haaraa, jijjiirama haala maatii,. Amma duukaa buutotaaf jijjiiramni dhufu cimaa akka tahee fi Gooftaan Yesuus gara Waaqaatti ol bahee hojii isaa itti fufsiisuu akka qaban itti dhaami.

Guyyaan dhalootaa, ayyaanni kabajamuu fi ayyaanni amanti maatii hundaafuu barbaachisa akka tahan ibsi. Ji'a dhufu keessa guyyaa addaa jiru itti himi. Yihuudonni ayyaana Pheenxeqoosxee kabajuudhaan kunis guyyaa faasikaa booda guyyaa shanaffaa guyyaa Misiraa keessaa bahan Museen tulluu Siinaa irratti yeroo seera fuudhe dha.

**XUMURUU**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**  
**Marii fi ibsa:**  
1. Duukaa buutonni akkuma Yesuus waadaa seeneefiin Afuura Qulqulluu eeggachaa turani. (Hojii Ergamootaa 1:8)  
2. Guyyaa Pheenxeqoosxee Afuurri Qulqulluun bu'ee sarara 2-3  
3. Duukaa buutonni afaan haaraa dubbachuu jalqabanii namoonni gara Yersaaleem dhufanii jiran akka isaan hubataniif.  
4. Muraasni isaanii duukaa buutonni kun waynii gar malee dhuganii akka machaa'an yaadan.  
5. Pheexiroos dura bu'ee waan ta'aa jiru namootatti hime. Raajummaan Yoo'eel akka gahee fi Afuurri Qulqulluun akka bu'e itti hime. (Yoo'eel 28-32)  
6. Isaan du'a Yesuusiif itti gaafatamummaa akka qabanii fi garuu Waaqayyoo du'aa isa kaasuu isaa itti hime.  
7. Namoonnis nahanii maal gochuu akka qaban gaafatan.  
8. Pheexiroos namoonni akka dhiifatama gaafatanii fi cuuphaman itti himee namoonni kuma sadii duukaa buutota Yesuus ta'ani.  
**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**  
**Barnoota 1 goolabuu**  
**Agarsiisuu: FBI – guyyaa Pheenxeqoosxee (i)**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**  
**Marii fi ibsa:**  
1. Guyyaa Pheenxeqoosxee duukaa buutonni Afuura Qulqulluu yeroo fudhatan waadaan Yesuus guutameefii jira.  
2. Yeroo Afuurri Qulqulluun bu'e maal akka tahe ibsi.  
3. Pheexiroos Yihuudonni fannifamuu Yesuusiif itti gaafatamtoota akka tahnii fi garuu Waaqayyoo du'aa isa kaasee gara Waaqaatti ol isa baasee amma ammo inni Afuura Qulqulluu erguu isaa itti hime.  
4. Kanneen guyyaa kana amanan waldaa isa jalqabaa ta'ani. Hanga yeroo sanaa eegalee hanga ammaallee waldaan akkasuma ni jira.  
5. Namoota amananiif maal akka tahe irratti mariyadhaa. (sarara 38-39 ilaali)  
6. Jireenyi isaanii jijjiiramuu isaa agarsiisuuf maal akka godhan ilaalaa. (sarara 42 ilaali)  
**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**  
**Barnoota 1 goolabuu**  
**Agarsiisuu: FBI – guyyaa Pheenxeqoosxee (i)**

**KEESSA DEEBI'UU**

1. Afuurri Qulqulluun akka dhugaa baanuuf humna nuuf kennu yaadadhu.  
2. Oduu gammachiisaa kana addunyaa maraan gahuun faayidaa maalii akka qabu irratti mariyadhaa.  
3. Torban kana barattoonni dhugaa akka bahaniif maloota irratti dubbadhaa.  
4. Waggoota dheeraa dura dhiifatama gaafachuun akkam akka ture irratti mariyadhaa.

1. Hojiin Afuura Qulqulluu barbaachisaa akka tahe mariyadhaa.  
2. Walitti dhufeenyaan hariiroo qabaachuun faayidaa maalii akka qabu waldaan mariyadhaa.  
3. Maqaa waldaa saffisaan guddachaa jirtuu dhahaa amaloota maalii akka qabdu qoradhaa.

**ITTIIN JIRAACHUU**

Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf:  
1. Dhugaa bahuu jechuun maal jechuu dhaa?  
2. Dhiifatama gaafachuu jechuun maal jechuu dhaa?

Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf:  
1. Ha'a hoo Pheenxeqoosheen waldaaf barbaachisummaa hagamii qabaa?  
2. Waldaa hordofuu fi hariiroo keessatti hirmaachuun garaagarummaa qabu irratti mariyadhaa.

	<p>A5 – Sadarkaa 3 Barumsa 2 – Jireenya Phexros Barnoota –Phexros nifayyise.</p>	<p>A5 – Sadarkaa 4 Qu’aannoo 2 – Jireenya Phexros. Barnoota – Fayyuu namicha naafaa.</p>
	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b> <i>Hojii Ergamootaa 3:1-16</i> <b>Jecha furtuu: <i>Hojii Ergamootaa 3:6</i></b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b> 1. Gooftaan Yesuus dhukkuba fayyisuu ni danda’a. 2. Isatti yoo amanne jireenya keenyallee ni jijjiira.</p>	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b> <i>Hojii Ergamootaa 3:1-26</i> <b>Jecha furtuu: <i>Hojii Ergamootaa 4:10</i></b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b> 1. Waaqayyo bakkaa fi yeroo sirriitti nu fidee jira. 2. Humni Waaqayyoo nama naafaa fayyisee malee humna duukaa buutotaa miti.</p>
<b>WAL BARSIIISUU</b>	<p>Pheexiroosii fi duukaa buutonni warri kaan Yesuus waa’ee nama Saamraawwii gaarii sanaa isaan barsiise hin irraanfanne “olla isaanii jaalachuu” akka qaban. (Luqaas 10:25-37) Nama kana yeroo argan akkuma Yesuus gochuu akka qaban baratan.</p>	<p>Barsiisa Yesuus keessaa inni guddaan tokko isaan biroo kunuunsuu dha. Duukaa buutota isaatti isaan kaaniif kunuunsaa kennuu n hagam akka barbaachisaa tahe itti hime. Inni yeroo deemus akka inni hojjete caalaa akka hojjetan itti hime. (Yohaannis 14:12)</p>
<b>XUMURUU</b>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b> 1. Pheexiroosii fi Yohaannis kadhannaaf gara bataskaanaa deemaa turani. 2. Erga dhalatee kaasee nama deemuu hin dandeenye argatanii innis waggaa 40 dura ture. 3. Inni maalaqa isaan gaafatee Pheexiroos garuu kan kana caalu akka qabuu fi akka fayyuu jedhe. 4. Namicha gargaaruudhaan namichi deemuu jalqabee Waaqayyoo galata galche. Kunis waldaa duraanii keessatti raajii isa jalqabaa ti. 5. Namoonni yeroo walitti qabaman Pheexiroos namichi kun kan fayyee humna isaatiin osoo hin taane maqaa Yesuusiin maqaa isa isaan fannisaniin ta’uu isaa itti hime. (sarara 16 ilaali) 6. Amantaa namichaa sarara 16 irratti hubadhaa.</p> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 2 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: FBI – namicha naafaa fayyee (i)</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b> 1. Pheenxeqoosxee booda hatattamaan Pheexiroos fi Yohaannis kadhannaaf gara bataskaanaa deemaa turani. 2. Nama naafaa yeroo argan waan Gooftaan godhe yaadatani. 3. Amantiidhaan Pheexiroos namicha kaase. Hatattamaan fayyee deemuudhaan galata Waaqayyoo galche. 4. Hatattamaan fayyee akkuma raajii Yesuus hojjeten qixaaye. Amma humni Yesuus duukaa buutota isaa irra waan jiruuf 5. Afuurri Qulqulluun isaan waliin jiraata. 6. Pheexiroos barsiisa isaa keessatti waa’ee Yesuus Kiristoos himee Waaqayyoo akkamiin duukaa buutota isaaf humna kennu barsiise. 7. Waaqayyoon duuka bu,otusaa humna fayyisuutiin akkamitti akahidhachise iluuli.</p> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 2 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: FBI – agarsiisuu: FBI – namicha naafaa fayyee (i)</b></p>
<b>KEESSA DEEBI’UU</b>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Raajiin fayyisuu akka hojjetamee fi garuu hundinuu akka hin fayyine hubadhaa.</li> <li>2. Kiristaanonni gara alaa bahuun duratti mana isaaniitti dhugaa bahuun akka barbaachisuu (Yerusaaleem keenya)</li> <li>3. Waa’ee kiristaana bara ammaa raajii fayyisuu argee hubadhaa.</li> <li>4. Yeroo itti amannu jijjiirama Yesuus jireenya keenyaaf fidu irratti mariyadhaa.</li> </ol>	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Yesuus waliin yeroo keenya dabarsuun akkamiin jireenya keenyaa fi hojii keenya akka jijjiiru mariyadhaa.</li> <li>2. Kiristaanota kaan waliin ta’uudhaan Waaqayyoo humna isaatiin akka isin guutuuf fi tajaajiluuf carraa akka siniif kennu kadhadaa.</li> <li>3. Pheexiroos erga Gooftaa ganee booda jijjiirrama cimaa akkanaa fiduu isaa yaadadhaa.</li> </ol>
<b>ITTIIN JIRAACHUU</b>	<p>Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: 1. Waaqayyoo maaliif namoota hundaa hin fayyifnee? 2. Akkamiin guyyaa guyyaatti Waaqayyoon amannaa?</p>	<p>Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: 1. Ati bakka Waaqayyoon siif eere jiraachuu kee maaliin beektaa? 2. Waaqayyoo cubbuu keenyaaf dhiifatama nuuf gochuu isaatiif akkamiin isa kabajnaa?</p>



	<p>A5 – Sadarkaa 3 Barumsa 3 – Jireenya Phexros Barnoota – Phexros akka nama macha'eetti.</p>	<p>A5 – Sadarkaa 4 Qu'aannoo 3 – Jireenya Phexros. Barnoota – Angaafota mana sagadaa fulduraattii.</p>
	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b> <i>Hojii Ergamootaa 4:1-22</i> <b>Jecha furtuu: <i>Hojii Ergamootaa 4:12</i></b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b> 1. Afuurri Qulqulluun jireenya Yesuus keessatti jijjiirama cimaa fideera. 2. Kiristaanonni Gooftaaf dhaabachuu qabu.</p>	<p><b>Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:</b> <i>Hojii Ergamootaa 4:1-31</i> <b>Jecha furtuu: <i>Hojii Ergamootaa 4:13</i></b></p> <p><b>Barnoota barannu:</b> 1. Waaqayyo Pheexiroos kanneen aangawootaaf akka dhugaa bahu humna kenneef. 2. Amantoonni gatiin isaa hagamuu cimullee dhugaa bahuu qabu.</p>
<b>WAL BARSIIISUU</b>	<p>Barnoota darbe keessatti waan tahe keessa deebi'i. Biyyoota muraasa keessatti Gooftaa Yesuusiin dhugaa yoo baate hanga mana hidhaatti seenta. Haala kanaan Pheexiroosii fi Yohaannis aangawoota amantaa irraa ariyatamuun irra gahee jira.</p>	<p>Pheexiroos barnoota biraa barsiise. (boqonnaa 3) Baay'inni amantootaa gara 5000 tahu. (sarara 4) Aangawoonni amantii kan yaadan yoo Gooftaan fannifame waa'een isaa ni irraanfata jedhaniitu. Amma ittuu caalee jira!</p>
<b>XUMURUU</b>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b> 1. Aangawoonni amantii ergaa Pheexiroos dhagayanii jeeqaman sababiin isaas uummata barsiisuun hojii isaanii malee kan isaa miti akkasumas Pheexiroos Yesuus lubbuun jira jedhee waan barsiiseef. 2. Pheexiroosii fi Yohaannis qabamanii hidhaman. 3. Guyyaa itti aanu mana murtiitti dhiyaatan akkuma Yesuus. Pheexiroos maaliin nama naafaa kana akka fayyise beekuu fedhan. Pheexiroos humna maqaa Yesuus akka tahe itti hime (sarara 10) 4. Aangawoonni jecha Pheexiroos fi Yohaansiin ajaa'ibamani. 5. Waa'ee Yesuus dubbachuu akka dhaaban itti himan. 6. Pheexiroos nama manna Waaqayyoon akka amanan itti dhaame.</p> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 2 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: FBI – Pheexiroosii fi Yohaannis hidhaman (i)</b></p>	<p><b>Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi</b></p> <p><b>Marii fi ibsa:</b> 1. Pheexiroosii fi Yohaannis hidhaman. 2. Manni murtii Yihuudotaa bakka murtii ti. Pheexiroos maqaa Gooftaa Yesuusiin akka fayyise itti hime. 3. Dhaddacha irratti Yesuus waliin waan turaniif kana gochuu akka danda'an barani. 4. Maqaa Yesuusiin akka isaan hin barsiifne itti himan. Dhaddacha manna Waaqayyo irratti akka mananan Pheexiroos itti hime. 5. Pheexiroosii fi Yohaannis gara namootaatti deebi'anii ergaa Yesuus ciminaan akka dubbachuu danda'aniif kadhatan. Kadhannaan isaaniis haala humna cimaatiin isaaniif deebi'e.</p> <p><b>Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.</b> <b>Barnoota 3 goolabuu</b> <b>Agarsiisuu: FBI – Pheexiroosii fi Yohaannis hidhaman (i)</b></p>
<b>KEESSA DEEBI'UU</b>	<p>Qabxiilee bu'uuraa amantii Kiristaanaa keessa deebi'aa. Gooftaan Yesuus bu'uuraa amantii ta'uu akka qabu dha. (sarara 12) Amantaa isaaniif aarsaa warra kaffalan fkn Erik Liddell faa</p>	<p>Amantaa keetti akkamiin akka cimtu mariyadhaa. Hojii Balbala banaa ykn Barnabaas qoradhaa Kiristaanonni bakka ariyatamuun jirutti akkamiin mo'achuu akka danda'an mariyadhaa</p>
<b>ITTIIN JIRAACHUU</b>	<p>Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: Namoota birootti waa'ee Yesuus himuu irraa maaltu nu dhorkaa? Amana tokko "dhagaa jiraataa" ta'uun maal jechuu dhaa? (1 Pheexiroos 2:4fi 5)</p>	<p>Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: Afuurri Qulqulluun akka nu gargaaru akkamiin itti cichinaa? Mormiin Kitaaba Qulqulluu akkamiin amantii keenya akka cimsinu nu taasisaa?</p>

A5 – Sadarkaa 3  
Barumsa 4 – Jireenya Phexros  
Barnoota –Phexros mana hidhatii.

A5 – Sadarkaa 4  
Qu'aannoo 4 – Jireenya Phexros  
Barnoota – Mana hidhaati.

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:**  
*Hojii Ergamootaa 12:1-19*  
**Jecha furtuu: 1 Yohaannis 5:14**

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:**  
*Hojii Ergamootaa 12:1-19*  
**Jecha furtuu: 1 Yohaannis 5:5**

**Barnoota barannu:**

1. Ariyatamuun namoota Waaqayyoo irra dhiibbaa waan geessisu dha.
2. Kitaabni Qulqulluun Waaqatyyo akka nu jaalatuu fi waan nuuf wayyu akka beeku nutty hime.

**Barnoota barannu:**

1. Akkumas Pheexiroos Waaqayyotti amanamuun barbaachisaa dha; inumaayyuu yeroo rakkoo cimaa.
2. Waaqayyoo isa nuti hin dandeenye nuuf hojjetee isa dandeenyu nuuf dhiisee jira.

**WAL BARSIIISUU**

Yesuus akka jedhetti addunyaan kun akkuma isa jibbite duukaa buutotaa fi namoota Waaqayyoo ni jibbiti. (Yohaannis 15:18). Jireenya isaa duraanii keessatti Yesuus mootii Heeroosiin ajjeefamee oole. Amma ilma isaa Heerood gara biraan Pheexiroos irratti waan wal fakkaatu godhuuf jira.

Ammallee Pheexiroos mana hidhaa jira sababiin isaa amantiin fi lallabaa isaatu itti fide. Mana hidhaa keessatti murtiitti guyyaa dhiyaatuun dura galgala irriba gaarii rafe. Pheexiroos dhugaa jechoota kanaan dura barsiisee booda barreessee jira. (1 Pheexiroos 5:7)

**XUMURUU**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**

1. Mootiin Heerood Yaaqobiin ajjeesisee kunis Yihuudota akka gammachiise yeroo hubate Pheexiroosiin qabsiise.
2. Pheexiroos ammas hidhamee murtiif dhiyaata.
3. Waldaan waliitti qabamanii kadhannaa jalqaban.
4. Galgala guyyaa murtii duraa ergamaan Waaqayyoo Pheexiroos mana hidhaa keessaa akka bahu taasise.
5. Mana bakka hiriyoota isaa itti kadhachaa turanii deeme. Kan mana balbala banteef Pheexiroos dhufuu isaa itti himtee garuu kan ishee amane hin turre.
6. Garuu booda Waaqayyoo kadhannaa isaanii akka dhagayee hubatan.
7. Waldaan amantiitaa hagam bu'aa qabeessa akka taate hubadhaa.
8. Idileedhaan kadhachuun barbaachisaa akka tahee fi Waaqayyoo fedhii inni nuuf qabu hubachuun barbaachisaa dha.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**

**Barnoota 4 goolabuu**

**Agarsiisuu: FBI – Pheexiroosii mana hidhaatii raajaan hiikame (i)**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**

1. Waldaan Pheexiroos qabamuu isaa yaaddoftee kadhannaa seente.
2. Pheexiroos loltoota 16n eegamee lamaan isaanitti sansalataan hidhamee ture.
3. Ergamaan Waaqayyoo dhufee Pheexiroosiin baasee sansalata kana irraa hike.
4. Pheexiroos kan isa hike Gooftaa akka tahe bare.
5. Waldaan kadhannaa irra turtee garuu Waaqayyoo waan cimaa kana akka hojjetu hin amanne.
6. Waaqayyoo Pheexiroosiin hojii dabalataa hojjechiisu waan qabuuf ture.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**

**Barnoota 4 goolabuu**

**Agarsiisuu: FBI – Pheexiroosii mana hidhaatii raajaan hiikame (i)**

**KEESSA DEEBI'UU**

1. Kiristaanonni idileedhaan maaliif kadhannaa akka hin dandeenye irratti mariyadhaa.
2. Yeroo fedhii Waaqayyoo malee akka taate barte irratti mariyadhaa.
3. Waa'ee qajeelcha Waaqayyoo Kitaaba Qulqulluu irraa sarara lama barbaadii isaan biroofti ibsi.

1. Yeroo rakkinaa Waaqayyoon kadhachuun faayidaa akka qabu irratti mariyadhaa.
2. Kadhannaan keenya eeggannoodhaan ta'ee amanamummaan akka guutamuu qabu mariyadhaa.
3. Hiriyaa/fira dhiyoo Waaqayyoo kadhannaa addaa isaaf deebisee jiru gaafadhuu isaan biroottis himi.

**ITTIIN JIRAACHUU**

**Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf:**

1. Karaan Waaqayyoo yeroo baay'ee maaliif icciitii ta'aa? (kaan fayyanii kaan maaliif hin fayyan)
2. Fedhiin Waaqayyoo jireenya keenyaaf maal akka tahe akkamiin beeknaa?

**Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf:**

1. Yeroo baay'ee Waaqayyoo akkaataa kadhannaa keenyaan deebii akka nuuf deebisu maaliif mamii qabannaa?
2. Haala kamiin humni Waaqayyoo humna keenya akka caalu beeknaa?

A6 – Sadarkaa 3  
Barumsa 1 – Adeemsa Abraam  
Barnoota –Waaqayyooti amanachuu.

A6 – Sadarkaa 4  
Qu'aannoo 1 – Abraam  
Barnoota – Wamicha isaa

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Uumama 12:1-9**  
**Jecha furtuu: Ibroota 11:8**

**Barnoota barannu:**

1. Abrahaam nama amantii ti. Bakka inni hin beekne Waaqayyo isa geessullee Waaqayyoon amane.
2. Waaqayyo yeroo nu waamu, akkuma Abraam, nuti isa amanuu, hordofuu fi ajajamuu qabna.

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:**  
**Uumama 11:27-32; 12:1-9**  
**Jecha furtuu: Hojii Ergamootaa 7:2-4**

**Barnoota barannu:**

1. Abrahaam nama amantii ti. Bakka inni hin beekne Waaqayyo isa geessullee Waaqayyoon amane.
2. Waaqayyo yeroo nu waamu, akkuma Abraam, nuti isa amanuu, hordofuu fi ajajamuu qabna. Dhugumaanuu jireenya keenya Waaqayyotti kennuu qabna.

**WAL BARSIIISUU**

Gareen yoo gara mana barnootaa haaraa deemani beekan gaafadhu. Rakkoon jiru maal turee? (karoora haaraa, imala addaa, hiriyoota haaraa fi barsiisota haaraa) argachuun maal nama rakkisaa? Garee keessaa kan mana jijjiire yoo jiraate gaafadhu. Kun rakkoo maalii qabaa? Abraamiif maatii isaaf rakkoon haaraan afaan haaraa, nyaata haaraa, haala qilleensaa haaraa, fi hiriyoota fi firoota irraa fagaachuu qaba.

Falmii tirannaa: Gareen bakka biraatti imala dheeraa booda deemani akka jiraatan gaafadhu. Abraamiif maatii isaaf rakkoon haaraan afaan haaraa, nyaata haaraa, haala qilleensaa haaraa, fi hiriyoota fi firoota irraa fagaachuu qaba. waraqaa A4 irratti dhuunfaadhaan jechoota armaan gadii barreessaa. HIN BEEKU, CINQAMUU, KAKA'UMSA, DHIIPHINA. Waraqaa kanneen dada irratti maxxansaa barattoota kanneen keessaa jecha isaan yaadessu qabatanii akka bahan taasisi. Filannoo isaanii irratti mariyadhaa: maaliif akkana itti dhagayamaa?

**XUMURUU**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**

1. Waaqayyo Abraam bakka biraa inni hin beekne deemee akka jiraatuu itti hime. Kun salphaa miti. Yeroo Abraam bakka biraa deemuun cimaa dha. Namoota waliin deeman baay'ee fi karoora cimaa dha.
2. Waaqayyo Abrahaamiin eebbisuuf waadaa seeneen saba bal'aa sin taasisa jedheen. Karaa isaa uummanni hundinuu akka eebbifamuuf ture.
3. Abraam obboleessa isaa Looxii fi haadha manaa isaa Saaraa waliin imale. Qabeenya isaanii fudhatanii ka'an. Abraam umrii waggaa 75 qaba ture.
4. Erga imalanii booda Waaqayyo Abraamitti mul'atee bakka Secheem jedhutti lafa maatii isaaf akka kennu itti hime. Abraam dankaana hojjetee Waaqayyoof sagade. Kanaan booda gara tulluu gidduu Beeteel fi Ayi deemee dankaana ijaare.
5. Ammas dankaana ijaaree waaqayyoof sagade. Kanaan booda gara gadamojii Negeev deeme.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattooni akka hubatan itti himi.**

**Barnoota 1 goolabuu**

**Agarsiisuu: FBI – Abraam gara Kanaa'aan deeme (i)**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**

1. Waaqayyo Abraam bakka biraa inni hin beekne deemee akka jiraatuu itti hime. Kun salphaa miti. Yeroo Abraam bakka biraa deemuun cimaa dha. Namoota waliin deeman baay'ee fi karoora cimaa dha.
2. Waaqayyo Abrahaamiin eebbisuuf waadaa seeneen saba bal'aa sin taasisa jedheen. Karaa isaa uummanni hundinuu akka eebbifamuuf ture.
3. Abraam obboleessa isaa Looxii fi haadha manaa isaa Saaraa waliin imale. Qabeenya isaanii fudhatanii ka'an. Abraam umrii waggaa 75 qaba ture. Erga imalanii booda Waaqayyo Abraamitti mul'atee bakka Secheem jedhutti lafa maatii isaaf akka kennu itti hime.
4. Abraam dankaana hojjetee Waaqayyoof sagade. Kanaan booda gara tulluu gidduu Beeteel fi Ayi deemee dankaana ijaare. Ammas dankaana ijaaree waaqayyoof sagade. Kanaan booda gara gadamojii Negeev deeme.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattooni akka hubatan itti himi.**

**Barnoota 1 goolabuu**

**Agarsiisuu: FBI – Abraam gara Kanaa'aan deeme (i)**

**KEESSA DEEBI'UU**

Imala Abraam Haraan irraa gara Beetel maappii kaassii bakka inni seenaa kana keessatti ibse gurraachessi. Muka guddaa Mooreh fi dankaana Abraam Waaqayyoof ijaare lamaan yaadadhu.

Abraam waamicha Waaqayyoo fudhatee imala isaa itti jechuun ilaalchisee jechoota ibsitoota gargaaran tarreessaa. kunis barnoota kitaaba qulqulluu har'aa irraa madduu qaba.

**ITTIIN JIRAACHUU**

Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf:

1. Abraam Waaqayyo akka deemu yeroo isa ajaju ajaja Waaqayyoo fudhatee waan cimaa kana raawwate. Kun amala isaa maal nu hubachiisaa?
2. Guyyaa guyyaatti amalli keenya akkamiin Jireenya keenya irratti dhiibbaa geessisaa? Yeroodhuma nuti hin hubannellee ta'uu danda'aa?

Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf:

1. Garee nama lamaa ykn nama 3 mariyadhaa: Abraam waamicha Waaqayyoo fudhate. Kun waa'ee Waaqayyoo Abraam ittiin huabate maal nutty himaa?
2. Waaqayyoof ajajamuun rakkisaa haala itti ta'uu danda'uu yaadaa. Waa'ee amala keenyaa ilaalchisee akkamii fi yoom, rakkisaa fi yaachisaa akka tahe hubadhaa.

A6 – Sadarkaa 3  
Barumsa 2 – Adeemsa Abraam  
Barnoota – Filaannoowwaan.

A6 – Sadarkaa 4  
Qu'aannoo 2 – Abraam  
Barnoota – Amanannaa isaa.

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Uumama 13:1-18**  
**Jecha furtuu: Fakkeenya 3:5 fi 6**

**Barnoota barannu:**

1. Jireenya keenya keessatti murtii gaarii murteessuun barbaachisaa dha.
2. Waaqayyo murtii gaarii akka murteessinu akka nu gargaaru kadhachuu qabna. Qajeelfama isa gaafachuu qabna. Waaqayyoon galateeffachuu fi sagaduufii baru qabna.

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:**  
**Uumama 13:1-18; 14:1-16**  
**Jecha furtuu: Iyyaasuu 24:15**

**Barnoota barannu:**

1. Abraam qajeelfama Waaqayyoo gaafatee Waaqayyoof sagadee galata galcheef.
2. Waan hojjennu hundumaafuu Waaqayyoof beekamtii kennuu fi jireenya keenyaaf kabajaa fi faaruu hundumaa kennuufii qabna.

**WAL BARSIIISUU**

Hundi keenyuu guyyaa guyyaatti filannoo fi murtii ni kennina. Gareen fakkeenya murtii xixiqqaa guyyaa guyyaa akka kennaan gaafadhu. Kanneen tarree filiip chaartii lamaan kaa'i. Tokkoon tokkoo isaanif waraqaa kenniif. Karaa tokko yeroo dhiyootti murtii kennan fakkiidhaan akka agarsiisan karaa biraatiin ammo fakkii abdiif, abjuu ykn waa'ee gara fuulduraa kaka'umsa qaban haa kaa'ani. Garee xixiqqaadhaan fakkii isaanii ibsuu fi himachuu ni danda'u. Hundi keenya murtii fi filannoo kenninu waan qabnuuf kanneen irratti gargaarsaa fi qajeelfama nu barbaachisa. Filannoo fi murtii keenya hundaaf Waaqayyo akka nu qajeelchuuf kadhanna.

Waaqayyoon tajaajiluun filannoo dha. Jireenya namoota Waaqayyoon tajaajiluuf filatanii keessaa garaagarummaa maalii arginaa? Tarreessaa kanaa filiip chaartii galmeessii seenaa jireenyaa Abraam waliin yaadachiisi.

**XUMURUU**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**

1. Abraam bakka kanaan dura buufatee turetti deebi'e. Kunis Beetelii fi Ayi gidduu ture. Dunkaana ijaaree Waaqayyoof itti sagade. Abraam murtii murteese. Namoonni baay'een laficha irra akka jiraatanii fi akka wal lolan. Nama hundaa waan hin geenyeef Abrahaam obboleessa isaa irraa adda bahee bakka biraa jiraachuuf murteesse. Abrahaam Loox bakka akka filatuu carraa dursaa kenneef.
2. Loox bakka mijataa filate kunis laga Yoordaanos qabatee bakka dhiyoo ture.
3. Abraam ammo Kana'aan keessa jiraate.
4. Loox bakka kana yeroo qabatu Waaqayyo Abraamitti dubbate lafa inni ijaan arge hundaa isaaf waadaa seene. kunis kallattii hundaanuu bahaan, lixaan, kaabaan kibbaanis dha.
5. Waaqayyo Abraam ijoollee baay'ee akka argatuu fi lafti kan isaa akka tahe waadaa seneef.
6. Abraam mukeen guguddaa Mamre bira jiraachuuf Hebroon keessa qubate. Dunkaana hojjetee Waaqayyoof sagade.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**

**Barnoota 2 goolabuu**

**Agarsiisuu: FBI – Abraam fi Loox adda bahan (i)**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**

1. Abraam murtii murteesse.
2. Namoonni baay'een laficha irra akka jiraatanii fi akka wal lolan. Nama hundaa waan hin geenyeef Abrahaam obboleessa isaa irraa adda bahee bakka biraa jiraachuuf murteesse. Abrahaam Loox bakka akka filatuu carraa dursaa kenneef.
3. Loox bakka mijataa filate kunis laga Yoordaanos qabatee bakka dhiyoo ture.
4. Abraam ammo Kana'aan keessa jiraate.
5. Loox bakka kana yeroo qabatu Waaqayyo Abraamitti dubbate lafa inni ijaan arge hundaa isaaf waadaa seene. kunis kallattii hundaanuu bahaan, lixaan, kaabaan kibbaanis dha.
6. Abraam bakka lolaa gidduu seene. Diinonni Sodoom bakka Loox jiraatu magaalaa kana qabatanii Looxiin qabatanii qabeenyaa fi namoota hundaa jalaa qabatan.
7. Abraam kana dhagayee loltoota isaa qabatee irraa buusuuf lole. Ni mo'ates. Mootii Sodoom irraas homaa kaffaltii hin fudhanne sababiin isaas Waaqayyo diinota isaa irratti injifannoo waan kenneef.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**

**Barnoota 2 goolabuu**

**Agarsiisuu: FBI – Abraam fi Loox adda bahan (i)**

**KEESSA DEEBI'UU**

Mata duree gaazexaa gabaasa waa'ee barnoota har'aa barreessaa. Barreeffamni kunis seenaa kana hundaa ibsuu qaba. Hojiin kun garee xixiqqaadhaan ykn nama lamaan hojjechuun ni danda'ama. Barreeffamoonni kun dubbifamanii mariin irratti taasifama.

Iyyaasuu 24:15 dubbisi. Barnoota kana keessatti waan barattan keessaa Abraam akkamiin tajaajilaa Waaqayyoo ta'u isaa bartee? Amaloota tajaajiltoota Waaqayyoo tarreessaa. Amma maal jijjiiruu ykn dabaluu feetaa? Har'a Gooftaa tajaajiluun jijjiirraa jireenyaa maalii nuuf fidaa?

**ITTIIN JIRAACHUU**

Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: Abraam murtii isaa keessatti Waaqayyoon waan hirmaachiseef Waaqayyo isa eebbise. Waaqayyo akka si qajeelchuu fi murtii jireenyaa gaarii akka si murteessisu gaafadhu.

Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: Tokkoon tokkoo barattootaaf poostkaardii duwwaa kenniif. Akkamiin Gooftaa amanamummaan akka tajaajilan waan tokko akka barreeffatan gaafadhu. Waa'ee dhimma kanaa kadhachuu ykn barnoota kana yaadachuuf akka hojii manaa hojjetan taasisuun ni danda'ama.

A6 – Sadarkaa 3  
Barumsa 3 – Adeemsa Abraam  
Barnoota – Abdiiwwaan Waaqayyo.

A6 – Sadarkaa 4  
Qu’aannoo 3 – Abraam  
Barnoota – Itti amanamummaa isaa.

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:**  
*Uumama 17:1-8; 18:1-15; 21:1-5*  
**Jecha furtuu: Maatewoos 1:21**

**Barnoota barannu:**

1. Abraam wantoota karaa mataa isaa adda baasuuf yaalullee Waaqayyo garuu isa hin ganne.
2. Waaqayyo Abraamiin abbaa dhalootaa baay’ee sin godha jedhee waadaa seeneef isaaf qofaa osoo hin taanes namoota hundaafuu dha.
3. Nutis waadaan Waaqayyoo baay’ee bal’aa waan taheef ni shakkina. Karaa keenyaan adda baasuuf feena. Barnoota kanaan akka Waaqayyotti amannuu fi waadaa isaa akka eeggannu baranna.

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu:**  
*Uumama 15:1-7; 17:1-19; 18:1-15*  
**Jecha furtuu: Uumama 18:14**

**Barnoota barannu:**

1. Waaqayyo Abraamiin ilma isa dhaalu akka keennuuf waadaa seeneef. Abraam Waaqayyotti amanee garuu innii fi haati manaa isaa dullumaan waan jiraniif karaa mataa isaanii deemanii yaalii biraa taasisani.
2. Waaqayyo garuu Abraamiif waadaa seene hin ganne, Abraam abbaa dhalootaa baay’ee isa taasisse. Eebba kan isaaf qofaa osoo hin taane uummata hundaaf karaa isaa kenne.
3. Nutis waadaan Waaqayyoo baay’ee bal’aa waan taheef ni shakkina. Karaa keenyaan adda baasuuf feena. Barnoota kanaan akka Waaqayyotti amannuu fi waadaa isaa akka eeggannu baranna.

**WAL BARSIIISUU**

Gareen waadaa seenanii akka beekan gaafadhu. Namni waadaa seenee beeku jiraa laataa? Filiip chaartii irratti barreessi. Darbee darbee namoonni waadaa seenaan ni cabsu. Maaliif? (mariyadhaa)  
Barnoonni kun Waaqayyo waadaa isaa akka eeguu fi bakka waakkatamettis kan guutu ta’uu isaa hubanna.

Filiip chaartii irratti har’a namoonni waadaa seenan tarreessuudhaan (waa’ee gaa’elaa, loltummaa, waliigaltee seeraa, kaffaltii kkf)  
Waadaa seenan kana hagam akka guutan irratti mariyadhaa. Barnoota har’aa keessatti Waaqayyo waadaa isaa akka guutu hubanna.

**XUMURUU**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**

1. Waaqayyo Abraam ijoollee baay’ee akka argatuu garuu innii fi haati manaa isaa murtii mataa isaanii fudhatan.
2. Waaqayyo waadaa isaa hin ganne; maqaa haaraa isaaniif moggaasee Abrahaamii fi Saaraa isaaniin jedhe.
3. Waaqayyo Abrahaanmiif lafa kannee akka isa eebbisuu fi uummamata hundaa karaa isaa akka eebbisu itti hime. Namoonni sadii bira dhufan. Abrahaam isaan keessumsiise. Waaqayyo Abrahaamiin waggaa kana ilma akka argatu itti hime. Saaraan kofttee sababiin isaas yeroo kana ishee fi Abrahaam dulloomanii turani.
4. Waaqayyo waadaa seene eegee Saaraan ilma argattee maqaa isaa Isaaq jedhanii moggaasanii “gammachuu” akka taheef dulluma keessa waadaan isaaniif guutame.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**

**Barnoota 3 goolabuu**

**Agarsiisuu: FBI – Abraam fi Keessummoota sadii (i)**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**

1. Waaqayyo Abraam ijoollee baay’ee akka argatuu garuu innii fi haati manaa isaa murtii mataa isaanii fudhatan.
2. Waaqayyo waadaa isaa hin ganne; maqaa haaraa isaaniif moggaasee Abrahaamii fi Saaraa isaaniin jedhe.
3. Waaqayyo Abrahaanmiif lafa kannee akka isa eebbisuu fi uummamata hundaa karaa isaa akka eebbisu itti hime.
4. Namoonni sadii bira dhufan. Abrahaam isaan keessumsiise. Waaqayyo Abrahaamiin waggaa kana ilma akka argatu itti hime. Saaraan kofttee sababiin isaas yeroo kana ishee fi Abrahaam dulloomanii turani.
5. Waaqayyo waadaa seene eegee Saaraan ilma argattee maqaa isaa Isaaq jedhanii moggaasanii “gammachuu” akka taheef dulluma keessa waadaan isaaniif guutame.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**

**Barnoota 3 goolabuu**

**Agarsiisuu: FBI – Abraam fi Keessummoota sadii (i)**

**KEESSA DEEBI’UU**

Jecha furtuu dubbisi: gaaffii inni qabu barreeffama akka ittiin barreessan godhi. Yeroo kana ilaaltu Waaqayyo waadaa isa akka guutuu fi yeroo rakkoollee amanamaa akka tahe hubadhaa.

Garee xixiqqaan: Amaloota Waaqayyoo, Abrahaam, Saaraa irraa maal barannaa? Barattoonni yaada isaanii waraqaa irratti barreessanii hundumtuu irratti mariyadhaa.

**ITTIIN JIRAACHUU**

Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: Waaqayyoon ni amantaa? Jecha isaatiin waadaa inni seene ni amantaa? Kun amantaa Waaqayyo irratti qabdu hagam guddisaa?

Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: Jireenya kee keessatti wanti ati Waaqayyoof ulfaataadha jettu ni jiraa? Jireenya kee keessatti Waaqayyoon akka amantuu hagam jabaattee jirtaa?

A6 – Sadarkaa 3  
Barumsa 4 – Adeemsa Abraam  
Barnoota – Qorumsa jaalalaa.

A6 – Sadarkaa 4  
Qu'aannoo 4 – Abraam  
Barnoota – Qormaata.

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Uumama 22:1-14**  
**Jecha furtuu: Yohaannis 1:29**

**Barnoota barannu:**

1. Waaqayyo Abrahaamiin qorate. Abrahaam ilma isaa aarsaa akka dhiyeessuuf gaafate. Abrahaam tole jedhe. Waaqayyo kennaa dha: Bakka ilma isaa hoolaa kenneef.
2. Waaqayyo Gooftaa Yesuus kennee bakka keenya akka du'u godhee cubbuu keenyaaf kaffale.

**Xiyyeeffannoo kitaaba qulqulluu: Uumama 22: 1-19**  
**Jecha furtuu: Uumama 18:14**

**Barnoota barannu:**

1. Waaqayyo Abrahaamiin qorate. Abrahaam ilma isaa aarsaa akka dhiyeessuuf gaafate. Abrahaam tole jedhe. Waaqayyo kennaa dha: Bakka ilma isaa hoolaa kenneef.
2. Abrahaam ajaja Waaqayyoo waan fudhateef Waaqayyo waan hundaa kenneefii waadaa isa haaromseef.
3. Waaqayyo Gooftaa Yesuus kennee bakka keenya akka du'u godhee cubbuu keenyaaf kaffale.

**WAL BARSIIISUU**

Darbee darbee qormaatni waa'ee namootaa beekuuf nu dandeessisa. Qormaata namoonni darbuu qaban tarreessi (konkolaachisuuf, mana barnootaaf, qormaata muuziqaa, dhageettii fi arguu kkf) Qormaatni kunneen waa'ee beeksumaa, hubannoo, dandeettii qaamaa, amalaa ti. Seenaa kana keessatti Waaqayyo Abrahaam akka isatti guutummaan guuttutti amanuu mirkaneesse.

Jireenya kee keessatti namni ykn wanti ati isa malee hin jiraanne jiraa? Abrahaamiif ilmi isaa Isaaq isa tokko dha. Abrahaam Isaaqiin argachuuf waggaa baay'ee tureera. Abrahaam osoo Isaaqiin dhabee hagam jiraataa laataa?

**XUMURUU**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**

1. Waaqayyo Abrahaam ilma isaa tokkicha akka aarsaa kaffalu gaafatee.
2. Abrahaam ajaja Waaqayyoo kabajee bakka Waaqayyoon itti aarsaa kana gaafatetti guyyoota sadiif deemee geese. Isaaq maal akka qalu yeroo gaafatuun Abrahaam Waaqayyo mataan isaa akka dhiyeessu itti hime. Kunis Abrahaam Waaqayyo irratti amantaa cimaa akka qabu dha. Waan hundumaa Waaqayyoof kennuuf ilma isaallee aarsaa kennuuf ture.
3. Waaqayyo ammoo bakka ilma isaa aarsaa hoolaa dhiyeesse.
4. Kanaafuu Waaqayyo Abrahaamiif dhaloota lakkaawamee hin dhumne akka kennuu karaa isaa hundi akka eebbifaman waadaa isaa haaromseef.
5. Waaqayyo bakka keenya ilma isaa dhiyeessee cubbuu keenyaaf aarsaa kaffalsiise. Yoo nutis amanne fayyinaan nuuf kennee jira.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**

**Barnoota 4 goolabuu**

**Agarsiisuu: FBI – Abraam fi Isaaq (i)**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**

1. Waaqayyo Abrahaam ilma isaa tokkicha akka aarsaa kaffalu gaafatee.
2. Abrahaam ajaja Waaqayyoo kabajee bakka Waaqayyoon itti aarsaa kana gaafatetti guyyoota sadiif deemee geese. Isaaq maal akka qalu yeroo gaafatuun Abrahaam Waaqayyo mataan isaa akka dhiyeessu itti hime. Kunis Abrahaam Waaqayyo irratti amantaa cimaa akka qabu dha. Waan hundumaa Waaqayyoof kennuuf ilma isaallee aarsaa kennuuf ture.
3. Waaqayyo ammoo bakka ilma isaa aarsaa hoolaa dhiyeesse. Kanaafuu Waaqayyo Abrahaamiif dhaloota lakkaawamee hin dhumne akka kennuu karaa isaa hundi akka eebbifaman
4. waadaa isaa haaromseef.
5. Waaqayyo bakka keenya ilma isaa dhiyeessee cubbuu keenyaaf aarsaa kaffalsiise. Yoo nutis amanne fayyinaan nuuf kennee jira.

**Jecha furtuu ibsuudhaan barattoonni akka hubatan itti himi.**

**Barnoota 4 goolabuu**

**Agarsiisuu: FBI – Abraam fi Isaaq (i)**

**KEESSA DEEBI'UU**

Jechi furtuun Gooftaan Yesuus Kiristoos aarsaa isa ol aanaa akka tahee fi cubbuu addunyaa kanaa kan dhiqe tahuu isaa ti. Waaqayyoon amantee Gooftaa Yesuusiin akka fayyisaa keetti amantee jirtaa?

Abrahaam bakka gochaa kun itti raawwatame "Bakka Waaqayyoon Dhiyeessu" jedhee moggaase. Gooftaan akkamiin nuuf dhiyeessaa?

**ITTIIN JIRAACHUU**

Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: Abrahaam Waaqayyoon guutummaan guutuutti amanee Waaqayyo isa eebbise. Nutis akkamiin fakkeenya Abrahaam duukaa buunaa?

Barnoota kanaan ittiin jiraachuuf: Abrahaam Waaqayyoon amanee ajajamee amantiin isaallee qoramee ture. Akkamiin fakkeenya isaa duukaa buunaa?

## Kenniinsa qabxii ilaalchisee qajeelfama barsiisotaaf kenname

### Barnoota sadarkaa 3ffaa

- Barnoota kanneen barattoonni Kitaaba Qulqulluu osoo hin ilaaliin guutuu waan hin dandeenyeef barreeffama Kitaaba Qulqulluu tokko ykn isa caalaa ilaaluu ni danda'u
- Gaaffileen haala adda addaatiin dhiyachuu ni danda'u akka walitti firoomsuu faa ykn bakka duwwaa guutuu ykn jechoota dhabaman guutuu kkf

Keessunmattuu jechoota NIV, Good News, RSV New King James, Authorised Version, fi Common English Bible faa irraa ilaaluu ni danda'u.

- Kaayyoon keenya barataan hundinuu Kitaaba Qulqulluu kamiinnuu gaaffilee deebisuu akka danda'aniif dha.
- Torban tokkoof qabxii 20 kan qabu ji'aaf qabxii 80 qaba kunis gaaffiin hundi sirriitti yoo deebifame dha.
- Sadarkaa 3ffaa gaaffiin tokko qabxii 1 qaba.

### Barnoota sadarkaa 4ffaa

- Kunneen sadarkaa 3ffaa irraa jabaatanii dha
- Gaaffilee cimaa fi deebii gadi fagaataa barbaachisa
- Torban tokkoof qabxii 20 kan qabu ji'aaf qabxii 80 qaba kunis gaaffiin hundi sirriitti yoo deebifame dha.

### Qajeelfama kenniinsa qabxii

Barsiiftonni jalqaba kana gaafatamu,

- Barnoota hundaa dursa ilaaluudhaan deebii sirrii kennamuu isaa xiinxaluu qabu
- Akkaataa ajajameen qabxii kennuu qabu
- Halluu addaa fayyadamuudhaan deebii hundaa mallattoo tick gochuu qabu
- Deebii sirrii bakka barbaachisutti kennuu, dogoggora barreeffamaa sirreessuu, kanaaf garuu qabxiin hin hir'ifamu jecha sirreessuu malee
- Deebii gariin sirrii taheef qabxii muraasa kennuu
- Ida'ama ji'aa walitti ida'uudhaan duuba irratti ykn bakka duwwaa kenname irratti barreessuu

Barattoota qorannoo Kitaaba Qulqulluu isaanii jajjabeessuuf qabxii gahaa kennuun barbaachisaa dha. Yoo danda'ame ji'a ji'aan barsiisaan jecha jajjabinaa barataaf barreessuudhaan waraqaa barnootaa bakka duwwaa kenname irratti kennuun gaarii dha. Waa'ee halluu gaarii, qulqullinaa, qabxii argamee, hubannoo barataaf kkf dinqisiifannaan barbaachisaa dha.

Yaadota hanga danda'ametti adda addaa gochuun barbaachisaa dha. Gaaffileen, himoonni, hubannoowwan, kkf adda addummaa argachuu/qabaachuu qabu. Fedha barataa sanaa eeguunis barbaachisaa dha. Ji'a ji'aan hima wal fakkaataa daddabala yoo tahe, dhiibbaa hin qabu.

### Sadarkaa 3ffaa

#### Yaada waliigalaa

"Hojii Gaarii dha! Gaaffilee sirriitti dubbiftee jirta. Deebiin ati gaaffii isa xumuraatiif kennite baay'een dinqisiifadha."

"Hi Badhaasaa. Cimina keetiif galatoomi. Deebii hundumaa kennuu keetiif galatoomi. Wantoota hanqatan anuu itti siif guuteen jira."

#### Yaada afuuraa

"Museen namoota Israa'eel waliin yeroo ture rakkooleen adda addaa isa quunnamanii turan, garuu, Waaqayyoo rakkoolee hundaaf ofii isaatiin akka deebii kennu hin fedhu."

"Yooseef abbaan isaa Waaqayyoon akka jaalachuu qabu waan itti himame hin irraanfanne. Kanas mana irraa yeroo fagaatellee hin daganne."

"Barxalamewoos gara gooftaa Yesuus dhufuuf hin mamne. Amma ijji isaa waan banameef Gooftaa Yesuusiin waan bareef hin mufanne."

### Sadarkaa 4ffaa

#### Yaada waliigalaa

"Barnoota cimaa kan biraa! Seenaa Kitaaba Qulqulluu kanneen sirriitti waan qayyabatte fakkaata kanaafuu anis akka itti gammadde nan abdadha. Barnoota kana sirnaan barachuu keetiif sin galateeffadha. Irra fiiguunuu ni danda'ama waan ta'eef tattaaffiin keen an dinqisiifadha."

"Yaalii gaarii dha! Baacaa, deebii kee irraa kanin yaadu, seenaa kana sirriitti hin hubanne natty fakkaata. Kanaafuu, irra deebitee osoo dubbiftee gaarii dha."

#### Yaada afuuraa

"Jechamoonni takka takka wantoota Waaqayyoo lafa irratti ibsuuf akka oolan ykn gadi fageenyaan hiikkaa waan qabani dha. Jechama Barnoota 3ffaa keessaa hiikkaan isaa maal akka tahe ni yaaddaa?"

"Isxifaanos du'a suukkanneessaa du'e, garuu, du'a hin sodaanne sababiin isaas Waaqayyoo ammallee ni arga waan taheef Yesuus Kiristoosiin Jannata keessatti akka argatu beekaa ture."



© Bible Educational Services 2015

[www.besweb.com](http://www.besweb.com)

UK keessatti dhaabbata gargaarsaa galmaahe 1096157